EEBBISAA BAAYISAA ABEETUU

KALLATTII

Qajeelfamootaa fi Falaasamoota Jireenyaa Barbaachisoo

Maxxansa 3ffaa

© Ebisa Bayissa Abetu

All rights reserved

Heyyama barreeffamaa barreessaa irraa utuu hin argatin kitaaba kana guutummaa isaas ta'e keessaa kutanii maxxansiisuu fi baay'isuun gara dhaamsa elektiroonikaalaatti jijjiiruun seeraan nama gaafachiisa. Madda eeruudhaan wabeeffachuun garuu ni danda'ama.

Maxxansa tokkoffaa: Fulbaana 2014

Maxxansa lammaffaa: 2015

Maxxansa sadaffaa: 2016

KUN KAN KEETI!

Kallattiin kitaaba kallattii nama argisiiftuu dha. Yaadannoon Eebbisaan ofii isaaf barreesse kun qajeelfamootaa fi falaasamawwan jireenyaa bu'aa gurguddaa qabaniin guutuu dha. Faayidaa kitaaba kanaa yommuun yaadu, kitaaba kana naman baay'ee jaalladhuuf kennaa taasisee kennuu akkan qabun murteesse. Eenyuuf akkan kennu yeroon yaadu battalumatti sammuu koo keessa kan dhufe si'i. Ati anaaf namoota jireenya koof baay'ee barbaachisoo ta'an muraasa keessaa tokko dha.

_____ koo, hamma ammaatti wanti waliin dabarsine waan irraanfatamu miti. Yeroo hundumaa yaadannoo ta'ee na keessa jiraata. Kitaabni ani siif kennu kun gatii kee ni taati jedhee hin yaadu. Ta'ullee, jaalala guddaadhaan yeroon siif gumaachu, dubbiftee bu'aa guddaa akka irraa argattu nan abdadha. Kallattiin kallattii sirrii sitti haa argisiiftu. Jireenya kee irrattis dhiibbaa gaarii haa taasistu. Jaalalli, kabajii fi michummaan waliif qabnu gara fuula duraatti jabaatee akka itti fufu gama keen waan danda'amu hunda akka taasiftu abdiin qaba. Anis sana gochuuf waadaan siif seena.

_____kee,

_____irraa.

Naaf jiraadhu!

YAADANNOON KITAABA KANAA...

Ijoollummaadhaa kaasnee waan hedduu kan waliin dabarsine, galaana og-barruu irraa waliin waraabbachuu kan eegalle, hiriyyaa koo dhugaa kanan onnee koo guutuu jaalladhu, akka tasaa kanan ilaalee of biraa dhabe, guca utuun hin se'iin na biraa dhaame, hiriyyaa koo dhugaa—***Sanyii Warquu Qanaateef.*** Eenyuyyuu lafa irratti akka hin hafne beeka, umurii ijoollummaatti du'aan si dhabuun garuu hammam akka natti hadhaa'e iddoon argee sitti himu hin qabu. Ati na dursitee iddoo dhugaa deemtus kaayyoo waliin eegalle—Baargamoo keessa teenyee isa barreessaa turre—sana galmaan ga'ee abjuu kee ijoollummaa fiixaan baasuuf hamma danda'ametti nan dhama'a. Qaamaan of biraa si dhabus yaadannoo taatee sammuu koo keessa jiraatta. Michuu koo, sin jaalladha! Si yaadachaan jiraadhas!

* * *

Abaaboo xobbeetti citte, iddoo guddaaf utuun si eeguu haala nama suukaneessuun bishaan akka si nyaate kanan dhaga'e, hamma ammaatti sammuun koo darbuu kee amanuu dadhabee kan na rakkisu, jaalala addaa kanan siif qabu, bara 2009 (Akka Lakkoofsa Addunyaatti) hamman Yuuniversiitiidhaa eebbifamee galee si argutti utuun ariifadhuu si arguuf kanan hin milkaa'in, jireenya koo keessatti guyyoota baay'ee hadhaa'oo jedhee kanan lakkaa'u guyyaa gurraachan du'a kee dhaga'e sanatti siif boo'us, yaadannoon kee yeroo hundaa kan na nyaatu durbee jaallatamtuu ***Jamaanesh Ayyaanaa Abdiif.*** Eebbifamee galee namoonni dhufanii yeroo na dubbisan amma moo amma dhufta jedhee utuun karaa ilaaluu hin dhufiin hafte. Irmii baafadhu! Isheen ati jaallattu intalli adaadoo keetii Jamoon darbiteettii naan jedhan! Gadda natti dhaga'ame jecha kamiinuu ibsuu hin danda'u. Jamaanee koo! Erga deemtee homaa gochuu hin danda'u.

Guddattee, fagoo geessee si arguun hawwii koo ture. Siidaa isa siif dhaabame kan caalu siidaa guddaa kan rirmi hin nyaanne, kan bokkaan itti hin roobne, kunuunfamee kan jiraatu sammuu koo keessaa qabda. Yeroon waa'ee kee barreessu kana akka waanan har'a oduu gaddaa sana dhaga'een boo'e. Nagaan naaf boqodhu!

* * * *

Haqa lammii isaa jalaa badde utuu barbaaduu, cunqursaa alagaa jibbee bilisummaa saba isaa dheebotee utuu socho'uu, qabamee sobaan itti murtaa'ee waggootaaf mana hidhaa Qaallittiitti dararamaa kan jiru hiriyyaa koo ijoollummaa ***Saamu'el Dhinsaa Ayyaanaaf.*** Saamii! Waggootaaf of biraa si dhabus, gatii ati lammii kee jaallattuuf baaste seenaan akka yaadatu yommuun yaadu nan jajjabaadha. Seenaan sammuu qaba jedhee kitaaba kana keessatti akkuman barreesse, dararamnii fi miidhamni ati hamma har'aatti dabarsite hin irraanfatamu. Waaqni haqaaf dhaabatu gatii kee bilisummaa akka siif taasisu nan amana. Hawwii gaarii saba keef hawwites galma ga'ee guyyaa tokko akka ati argitu shakkii hin qabu. Niilsen Mandeellaan hidhaa waggaa 27 booda bilisummaa biyya isaa akkuma labse, atis guyyaa tokko guca bilisummaa ol kaastee ibsuuf jirta. Kaayyoo keef jabaattee gatii guddaa ati baasteef maqaa saba Oromoon sin galateeffadha. Si irraa fagaadhus sirraa hin fagaanne. Yoomiyyuu sin yaada. Guyyaa tokko akka amala keenyaa laga Leemmattii deemnee asheeta boqqolloo akka wajjin nyaannu nan abdadha. Ittiin nu haa ga'u.

Baafata

1. Nama ta'i
2. Hin gumgumiin, uumaa kee galateeffadhu
3. Dubbisi, dubbisuu hin dadhabiin
4. Obsi, obsa hin dhabiin
5. Namoota waliin nagaadhaan jiraadhu
6. Maaltu sitti argamaa?
7. Garaa dhiifamaa qabaadhu
8. Ni dandeessa
9. Amanamaa ta'i

Galata

Angafni galata koo kan eenyuu akka ta'e beekamaa dha. Jireenya koo keessatti haalota rakkisoo hedduu kan na dabarse, dhukkuba ulfaataa *taayirootooksikoosisii* jedhamu kanan waggootaaf ittiin dararamaa ture irraa na fayyisee, yeroo meeqa boolla awwaalaa biraa deebisee nama har'aa isa na taasise, isa eegumsi isaa yeroo hundumaa na ajaa'ibu angafni galata koo kan Waaqayyooti. Isatu nama kanaa na taasise.

Hojiin namni tokko hojjetu hojii mataa isaa qofa miti. Wantotan baree barreesse kana hunda kan na barsiisan namoota hedduutu jiru. Eenyuun galateeffadhee eenyuun akkan dhiisu hin beeku. Hamman yaadadhu hunda utuun tarreessee kitaabni kun guutummaan isaa maqaa namootaa ta'a ture. Kanaafuu, obboloota karaa hundaa na gargaartan mara baay'een isin galateeffadha.

Barataa kutaa shanaffaa ta'ee utuun jiruu ganamaan eenyummaa koo hubatee guyyaa tokko—waaree booda—gara daree keenyaa dhufee maqaa koon na waame—barsiisaan koo tokko. Gad na baasee abboommii gabaabaa tokko naaf kenne: Bor guyyaa ayyaana maatii waan qabnuuf dhimma guddisa daa'immanii irratti walaloo waltajjii irratti dubbistu barreessii kottuutii dubbisi. Abboommii ture. Abboommii ani diduu hin dandeenye. Guyyaa sana ture tokko jedhee tarkaanfii og-barruu kanan eegale. Walaloo ani barreesse naaf ilaalee, "Gurbaa akkanatti yoo itti fufte ni abdachiifta! Mee jabaadhu!" naan jedhe. Hamileen sun anaaf waan guddaa ture. Barsiisaa koo

kanaaf har'a galata addaan qaba. Barsiisaa Abbabaa Malataa! Baay'een isin galateeffadha.

Harmee kootti aansanii oolmaa addaa kan naaf oolan dubartoota gurguddoo sadiin qaba. Eenyummaa koo har'aa kanaaf gumaacha guddaa kan taasisan, jireenya isaaniin fakkeenya kan naaf ta'an, gadameessa isaanii keessaa ba'uu baadhus akka haadhaatti kan na gargaaran, yoomiyyuu kanan isaan yaadadhuu fi kabaju: Barsiistuu Zoodituu Ayyalaa (haadha warraa eessuma koo obbo Geetaachoo Mokonnon), Aadde Biraanee Mokonnon (jaallatamtuu adaadaa koo, haadha warraa obbo Margaa Gabulaa), fi Aadde Maaree Lamuu (Ayyaantu jennee kan waamnu, haadha warraa obboleessa koo Tamasgeen Yaadataa). Laphee koo keessaa iddoo addaa qabdu. Naaf jiraadhaa!

Kitaabni kun maxxanfamtee dubbistoota koo harka akka geessu gumaacha guddaa kan taasisan hiriyyoota koo Beekan Gulummaa fi Baqqalaa Jogoraaf galanni koo guddaa dha.

Hunda keessan isinan jaalladha!

Seensa

Kitaabni kun kitaaba akka ta'uuf hin turre kanan barreesse. Qajeelfamoota jireenya nama tokkoof barbaachisoo ta'an icciitiidhaan mataa koof barreessaan ture. Taa'ee taa'ee akka yaadannoo guyyaa guyyaa (*diary)* ttin barreesse. Akka naaf ta'uttin barreesse. Kallattiidhaan maqaa koo waamee barreessuu mannaa lubbuu koo jedheen of waamaa ture. Jechi lubbuu koo jedhu maqaa koo bakka naaf bu'a. Malee lubbuu koo kan qaama koo keessa jirtu, kan ijaan hin argamne sana miti.

Suuta suutaan barreeffamoonni ani akkanatti barreeffadhu baay'achaa dhufan. Hammamuu yoo baay'atan garuu yaadannoo dhuunfaa koo kana hawaasaan nan ga'a jedhee hin yaadne. Hamma dhumaatti ofumaafan barreesse.

Kanaan utuun jiruu hiriyyoonni koo kan baay'ee walitti dhi'aannu tokko saanduqa icciitii koo bananii dhaamsa ani ofii koo ofiif barreesse kana na jalaa dubbisan. Maqaa koos 'Lubbuu koo' jedhanii na moggaasan. Keessa beekettii haa dhaban aboo! Dhoksanii dhoksanii dubbisu. Dubbisanii itti gammadu.

Guyyoota keessaa guyyaa tokko yaada naaf fidan. "Maal ta'a?" naan jedhan. "Maal ta'a amma yaadannoo lubbuu keef barreessite sana akka kitaabaaf ta'utti boca itti baaftee dubbiftoota keen utuu geessee?" naan jedhan—keessa beektonni koo. Nan dheekkame. Icciitii ani ofiif barreesse kana baasanii dubbisuu isaaniif gaddi natti dhaga'ame. Baay'ee erga irratti haasofnee booda dubbiin isaanii na amansiise. Jalqaba fuula hin laanneef. "Mee ittan mari'adha!" jedheen isaan biraa deeme.

Irra deebi'ee dubbisnaan dhugumayyuu wanti namoota fayyaduu danda'u keessa waan jiru natti fakkaate. Qajeelfamootaa fi falaasama jireenya dhuunfaa koo kana muraasa isaa akka kitaabaatti utuun qopheessee dubbiftoonni koo irraa fayyadamu jedheen yaade. Kanarraa kan ka'e barreeffamoota sana keessaa mata dureewwan muraasa filadheen boca qabsiisuu eegale.

Keessa beektonni sun guyyaa dhaa guyyaatti na tuttuquu ittuma fufan. Guutummaatti yaada isaanii fudhachuu koo isaaniif ibseen irratti hojjedhe. Yeroo murtaa'e booda kitaaba xiqqoo akka taatu qopheesseen dhi'eesse. Waraabbii jalqabaa ilaalanii gulaalanii naaf deebisan. Bilisummaa guutuu waanan isaaniif kenneef bilisummaadhaan irratti hojjetan. Waan hafuu qaba jedhanii amanan keessaa haqan. Itti dabalamuu qaba jedhanii waan amanan immoo itti ida'an. Akka waan ofii isaaniitii barreessaniitti waan hedduu na jalaa jijjiiran. Itti hin gaddine. Barreeffamoonni koo ija namoota hedduu jala akka darban waanan barbaaduuf, sirreessa isaan naaf kennan tole jedheen fudhadhe. Isan itti amanu qofan sirreesse, isan itti hin amanne garuu akkuma jiruttan kaa'e.

Afaan Oromoodhaan barreeffamni akkanaa hamma ammaatti akka hin amaleeffatamiin nan beeka. Dubbiftoonni MIILTOO dubbisan kitaaba kana dubbisanii xiqqoo bitaa itti galuu danda'a. "Eebbisaa maaltu tuqee? Maaliif waan akkanaa barreessaa? Akkuma Miiltootti maaliif hin barreessuu?" kan naan jedhan jiraachuu malu. Garuu ni baay'atu jedhee hin yaadu. Namoonni akkuma koo wanta haaraa arguutti gammadan immoo, ittumaa akka na hamileessan nan amana. Hojii gaarii akkan hojjedhes naaf himu jedheen eega.

Hojiin haaraan yommuu gara hawaasaa dhufu deebiin hawaasichaa waa lama keessaa tokko ta'a: Jaallachuu yokiis jibbuu. Anis kana lachuu keessaa tokkon eega. Dhugaan dubbiftoonni koo beekuu qaban garuu hojii kana kanan hojjedhe isaan gargaaruuf fedhan qabu irraa ka'eetu. Malee kitaabonni ani qopheessee of harkaa qabu hedduu turan. Maxxansee fixuufuu yeroo fi humna guddaa na gaafata. Hiriyyoonni koo—keessa beektonni—ragaa kooti.

Obsaan hamma dhumaatti akka dubbistanin barbaada. Murtoof garuu hin ariifatinaa. Yaada qeeqaa keessa keessan jiru naaf qoodaa. Qajeelfamnii fi falaasamni jireenya kootii isiniifis kan hojjetu ta'ee argitu ta'a. Isa isin fayyadu fudhadhaa. Falaasama itti hin amanne immoo akkuma jirutti dhiisaa.

Nan amana, yoo dubbistan waan isin gargaaru tokko keessaa argattu. Kallattiin akkuma maqaa ishee kallattii sirrii isin argisiisti jedheen yaada. Ijoollee irraa eegalee dargaggoonni akkasumas ga'eessonni yoo dubbisan waan hedduu irraa fayyadamu.

Yoomiyyuu dubbistoota koo MIILTOO dubbistanii yaada jajjabinaa naaf laattaniif waan gaarii qofan isiniif hawwa. Hamma naaf danda'ametti waanan isin fayyada jedhee yaadu qofan isiniif dhi'eessa. Yaadonni jajjabinaa isin karaa adda addaa naaf kennitan hojiiwwan hedduu akkan hojjedhu boba'aa ta'ee na sochooseera. Sagaleen namoota hedduu gurra koo irraa utuu dhaga'amuun hojjedha. Jajjabina karaa bilbilaa naaf gootan hedduun ajaa'ibsiifadha. Isaan Iimeeliidhaan naaf barreessitanis yeroo yerootti banee yaada keessan yeroon dubbisu kaka'umsa guddaa naaf kenna.

Waa'ee Kallattiis maal akka jettan dhaga'uun barbaada. Hojiiwwan ani gara fuula duraatti hojjedhu qulqullina isaanii kan eeggatan akka ta'an kan feetan yoo ta'e, mudaa hojiin kun qabu callistanii hin darbiinaa. Wantota ani sirreessuu qabu naaf himaa. Irraan deebi'aa! Wantan haalaan itti fufuu qabu immoo na argisiisaa. Ittan fufaa!

Kallattiin kallattii akka isin argisiistu hawwiin qaba. Kitaabni kun maxxanfamee rabsamee dubbistoota koo yommuu qaqqabu gammachuu guddaan qaba. Kun anaaf milkaa'ina guddaa dha. Gatiin dadhabbii kootiis isa kana dha.

Walumaa galatti, yeroo dhi'ootti kitaabota koo isaan kaanis isinan qaqqabsiisa. Yoo fedha gooftaa ta'e, hojii gurguddaa qabadheen dhufa. Hamma isiniif danda'ametti kitaabota ani barreesses ta'e kanan afaan biroo irraa hiike argattanii akka dubbistan isinan jajjabeessa. Kitaabonni ani qopheessu hundi warra ani ni fayyadu jedhee itti amanu qofa dha waan ta'eef.

Yeroo dubbisaa gaariin isiniif hawwa.

Eebbisaa Baayisaa

Bilbila: 0938056085

....1.....

Nama ta'uuf dhalattee nama ta'i!

Dhaamsan ofiif dhaamu ergaa dhuunfaa kootii
Lubbuu koo ofiin jedhee dubbadhee ofitti
Akka nama biraatti gorsan ofiif kennee
Kun kallattii dha kallattii hin badne
Dhaga'i lubbuu koo lubbuu koo tokkittii
Nama ta'i, nama ta'uuf dhalatteetii
Jireenya jiraachuuf lafarratti uumamtee
Umurii lakkaa'uuf ati erga dhalattee
Wanta waa'ee hin baafneen of hin qisaasessiin
Gowwaa fi tabjii taatee karaan sirkaa hin badiin
....kallattii hin dhabiin!

Lubbuu koo!...

Ati anaaf tokkittii dha. Namni kamiyyuu lubbuu lama qabatee hin dhalatu. Kun tasuma hin danda'amu. Utuu lubbuu dabalataa qabatanii dhalatu ta'ee umuriin namaa dachaan dabala ture. Gaafa isheen waliin uumamte baatu, isa dabalataa sana galfatu waan ta'eef. Garuu hin ta'u. Tokkittii waan taateef sin mararsiifadha. Waanan si mararsiifadhuuf yeroo fudhadhee dhaamsa kana siif dhaameera. Dhaamsi kun qajeelfama jireenyaa aduu gadiiti. Bitaatti mirgaattis irraa hin goriin! Irraa hin maqiin.

Jireenyi addunyaa kun deemsa karaa dheeraati. Deemsa waggaa torbaatamaa yokiin saddeettamaa, yoo baay'ate sagaltamaati. Namoota hamma har'aatti addunyaarra jiraatanii darban keessaa eenyuyyuu waggoota kumaan lakkaa'aman hin jiraanne. Eessattuu haa dhalatu, eessattuu haa guddatu, eessayyuu haa jiraatu, maaliyyuu haa hojjetu, qabeenya hammamuu haa qabaatu....umuriin namaa gabaabduu fi murtooftuu dha.

Dureessi qabeenya isaan umurii hin dabalatu. Hiyyeessi immoo dhabisa isaaf umurii hin gabaabbatu. Gurraachis adiinis, inni barates inni hin barannes, dhiirris dubartiinis...takka jiraatanii addunyaa kanatti nagaa dhaamanii deemu.

Dhalli namaa lolee wanti inni mo'achuu dadhabe inni guddaan du'a dha. Duuti hin mo'amne. Maatusaalaan

waggoota 969 jiraatee akka du'e Macaafni Qulqulluun nuuf hima.

Namoota gurguddoo addunyaa kana jijjiiran hedduu du'aan dhabneerra. Utuu duuti mo'amee namoonni addunyaa kanaaf oolmaa guddaa oolan hin awwaalaman. Humna ittiin du'a mo'an dhabisa malee silaa Abrahaam Liinken awwaalamee achitti hafaa? Bilisummaa gurraacha Amerikaaf hamma sana qabsaa'ee, cunqurfamtootaaf jedhee jireenya hadhaa'aa jiraatee, warra gad-qabaman waliin boo'ee, garboota waliin akka garbaa ta'ee, ilaalcha gurraachota irra ture irraa kaasuuf hojjechaa kan ture Abbeen silaa du'ee hin hafu.

Xinnaa fi guddaa biratti amanamummaa isaan kan beekamu; dhugaaf jiraatee dhugaa hojjetee; dhugaa deggeree; dhugaa kan kabaje Abbeen du'ee hin hafu—silaa! Utuu duuti mo'amee Maartiin Luuter Kiing Jr, faa ni du'aa? Du'ee hafaa? Harka maaltu boolla qotee reeffa isaa biyyoo keessa kaa'ee deema? Namni abjuu qabu; nama guyyaa tokko dachee Amerikaa irratti gurraachii fi adiin wal-qixxummaan jiraachuuf akka jiran raaje; nama rakkataaf gaddee gama hiyyeessaa dhaabate...silaa eenyutu isa awwaalaa? Dhukaasa tokko utuu hin dhukaasiin fincila—karaa—nagaan eenyummaa saba gurraachaa kan jijjiire silaa isatu hin du'u.

Du'a mo'uun utuu danda'amee Maazer Tereezaan duutee haftii? Hin duutu turte! Dungoo hiyyeessotaaf iftee ofii jireenya gaarii utuu hin argiin hafte. Jaalalaa fi gara-laafinni ilmaan namaa hammam guddachuu akka danda'u kan nu argisiifte; garaa qulqulluudhaan jiraattee kunoo hamma

ammaa seenaan kan ishee leellisu; warra gatamanii fi tuffataman ofitti qabdee gad-buutee isaan wajjin kan jiraatte; haadha warra nama biraa ilaalcha dhabanii; utuu duuti mo'amee isheetu jiraataa hafa.

Utuu duuti mo'ameemoo? Silaa Maahtama Gaandiitu hin awwaalamu. Abbaa saba Indii; karaa nagaan qabsaa'ee gabrummaa warra Ingilizii waggoota dhibbootaan lakka'amuu saba Indiirraa kan cabse; abbaa cunqurfamtootaa; diinota ofii jaallachuu kan nu barsiise; jaalalli haala irratti hin hundoofne maal jechuu akka ta'e kan nu argisiise Maahtama Gaandiin du'ee hin hafu—silaa!

Nama meeqa siif kaasu? Waa'ee nama meeqaa siif himu? Gootota gaarummaa fi qajeelummaa ilmaan namaaf oolaniin yaadataman. Namoota dhalootaaf fakkeenyummaa guddaa kaa'anii darban. Namoota addunyaan kun irraanfachuu dadhabde. Namoota addunyaa kana daran mijattuu akka taatu taasisan. Namoota fakkeessuu dhiisanii haqaaf falfamanii, haqaaf dhiibamanii, haqaaf hari'atamanii, haqaaf gatii baasan....meeqan isaanii siif himu?

Hunda isaanii maqaa dha'uu hin danda'u. Yeroonis, iddoonis, beekumsis na hin ga'u. Isaan du'anii addunyaarraa deemanis hojiin isaanii garuu afaan qaba ni dubbata, miilla qaba ni deema, lubbuu qaba ni socho'a. Isaan du'anis hojiin isaanii hin du'u.

Seenaan sammuu qaba, waa hin irraanfatu. Gaariis hamaas, bu'aas miidhaas, isa balleesses isa misoomses....ni yaadata.

Kanaafuu, akka waan har'a nu gidduu jiraniitti nutti dhaga'ama. Maal goona foon isaanii? Lafee isaanii, dhiiga isaanii maal godhanna? Hojiin isaanii iyyee, mul'annii fi obsi kaayyoo fi eenyummaan dhugaa isaanii iyyee akka nuti isaan yaadannu erga taasisee, maal godhanna isa kaan?

Atis akkuma isaan kaanii gaaf tokko ni duuta. Duuti hin oolu. Guyyaa tokko waa taatee foon har'a keessa jiraattu kana iddoo tokkotti gatta. Dha'annaan onnee kee ni dhaabata. Sombi kee hojii hafuura fudhatee hafuura baafachuu isaa ni dhaaba. Sammuun kee yaaduu dhiisa. Dhiigni kee guyyaatti yeroo hedduu marsee qaama kee waliin ga'u sochii dhaaba. Dura gogaa kee, itti aansee ija kee, itti aansee gurra kee, itti aansee funyaan kee, dhuma irrattis arrabni kee ni du'u (Saayinsiin mirkaneesseera). Guyyaa tokko duutee firri siif boo'a, si awwaala, siif gadda. Sirna awwala kee irratti seenaa jireenyaa kee dubbisu. Eenyurraa akka dhalatte, bara kam, eessatti, attamitti, maaliif akka dhalatte dubbatu. Bara jireenya keetti maal akka hojjette siif himu. Addunyaan gaafa ati dhalatte marqaadhaan si simatte mulluudhaan si geggeessiti. Dacheen kolfaa gammachuudhaan anaa dhufu siin jette, boo'aa gaddaan nagaatti siin jetti.

Wanti guddaan jiraatanii du'uu miti. Waggoota hedduu lafarra turanii, arrii baasanii, dulloomanii, gugguufanii deemanii, bara quufanii du'uus miti—wanti irratti xiyyeeffatamuu qabu. Ergama qaban raawwatanii deemuu dha. Mee yaadi! Namoota addunyaa irra jiran keessaa nama meeqatu ergama qabatee dhufeef jiraata? Nan amana.

Waaqayyo eenyuunuu lafa kana irratti ergama malee hin uumne. Waaqayyo haa turuu, namniyyuu waan uume tokko kaayyoo malee hin uumu. Wanti hundi hojii tokko akka hojjetuuf uumame.

Namni ogeessa fayyaa ta'uuf uumamee, poolisii ta'ee jiraatu umurii isaa qisaasessuu isaati jedheen yaada. Namni muuziqaaf uumame daldalaa ta'a. Daldalaaf kan uumame yoon barsiise malee jedha. Geggeessuuf kan uumame konkolaachisaa ta'a. Meeqan keenyatu kaayyoo keenya beeke laata?

Dhugaan jiru garuu hamma isa hojjechuuf uumaman bira ga'anitti keessi ofii iyya wal irraa hin cinne iyyuu isaati. Ni iyya. Uu—uu—uu.... Milkaa'inni dhugaan kaayyoo ofii beekuu keessa jira.

Maarree waggaa meeqa jiraatte gaaffiin jedhu fudhatama hin qabu. Isatti hin dhiphatiin. Hamma jiraattetti maal hojjette isa jedhu irratti xiyyeeffadhu. Ija kee kaayyoo kee irratti irraanfadhu. Yoo dandeesse seenaa hojjedhu, yoo dadhabde seenaa barreessi. Hojjechuus barreessuus yoo dadhabde garuu har'ayyuu utuu hafuura baafattuu dhaabbiitti duuteetta.

Gabaabsitee hin ilaalin. Akka namaatti duuta, hojii hin duune hojjechuuf garuu carraa qabda. Guyyaa dhufee darbu hundumaa akka qabeenya guddaatti lakkaa'i. Sa'atiiwwan ati itti fayyadamuu dandeessu 24 siif fidee dhufa. Kaayyoof kan hojjettu yoo ta'e sa'atiiwwan kun qabeenya kee kamiyyuu caalaa si mararu. Nama kaayyoo hin qabne yoo taate garuu

tokkoo tokkoon isaanii si jibbisiisuu irraa kan ka'e hamma waggaa tokkoo sirra dheeratu.

Yeroon kee harkuma kee keessa jira. Iddoon ati itti yeroo kee irratti aboo hin qabne mana hidhaa keessa duwwaa dha. Bilisa taanaan garuu akka barbaaddetti itti hojjechuu ni dandeessa. Akkaataan itti yeroo keetti fayyadamtu eenyummaa kee murteessa. Cancala wal qabatee socho'u, kan inni tokko isa kaan irratti dhiibbaa guddaa qabu dha—yeroon.

Farda luugama hin qabne, kan ati to'achuu hin dandeenye dha. Yeroo barbaadde dhaabdee yeroo barbaadde deemsisuu hin dandeessu. Al tokko yoo darbe hin gulaaltu. Yaadannoo ta'ee sammuu kee keessaa yaadatamaa hafa malee, taatee kaleessa ta'e tokko suuta jettee keessaa haquu hin dandeessu. Yeroo keef gatii laatte jechuun jireenya keef gatii laatte jechuu dha.

Yeroon kee geejjiba ittiin karaa jireenyaarra imaltu dha. Dhi'ee utuu bari'uu, bari'ee utuu dhi'uu, halkan utuu guyyaa ta'uu, guyyaan utuu halkan ta'uu, utuu guyyoota lakkooftuu, guyyoota walitti idaatee utuu ji'oota taasiftuu, ji'oota walitti dabaluun utuu waggoota taasiftuu imala kee xumurta. Akka itti qabattu beekuudhaa yoo baatte yeroon ibidda dha si guba. Isa darbe yaaddee gaabbiin ati gaabbitu guba ibiddaa caalaa si guba. Bor dulluma keessa tokkoo tokkoo waggoota dabarsiteetti gaabbuu mannaa har'a yeroo keetti fayyadami. Jecha warra adii yaadadhu: *"Yakki yeroo balleessuu caalu hin jiru!"*

Lubbuu koo!.....

Nama ta'uuf dhalattee utuu nama hin ta'iin akka hin duune adaraa! Duutee booda cirracha seenaa irratti suurri miila keetii kan mul'atu haa ta'u. Joonja'aa karaa hin beekne, tabjii kallattii gate, kan ka'umsa isaa malee galma isaa hin beekne, ofittoo ofiif malee dhalootaaf mul'ata hin qabne, albaadhessa garaa isaaf qofa jiraatu, jooraa kaayyoo hin qabne, kan isa waame hundaaf owwaatee kan isa ergate hundaaf kan ergamu....hin ta'in. Gara itti gortu beeki. Bara hubadhu, bara biraa hin hafiin!

Namni si dura waan deemu duwwaaf hin deemin. Baala galaana irra buute kan gara qilleensi oofe maratti oofamtu hin ta'iin. Tokkoo tokkoo hojii hojjettuuf sababa quubsaa qabaadhu. Akka argite hin jiraatiin. Gorsa Niilsen Mandeellaa ishee inni gaafa dhiphinaa sana dubbate yaadadhu: *"Kaayyoo kanaafan jiraadha. Yoo barbaachisaa ta'emmoo kaayyoo kanaaf du'uuf qophaa'aa dha."* Kaayyoo hamma du'aatti gatii baaftuuf qabaachuu yoo baatte, jireenyi kee hiika hin qabu. *"Namni kaayyoo du'uuf tokko hin qabne lafarra jiraachuuf hin malu"*—isa jedhu dubbii Maartiin Luuter Kiing itti dabaladhu.

Nama ta'i! Nama addunyaa irra jiraatutti ba'aa hin taane. Nama buddeena ishee nyaatee, bishaan ishee dhugee, uffata ishee uffatee, durboota ishee keessaa tokko fuudhee, ijoollee horee, qabeenya isheetti fayyadamee, kasaara keessa ishee buusee, bu'aa tokko utuu isheef hin buusiin dachee kana dhiisee deemu akka hin taane. Guyyaa dhumaatti herregni

yoo bu'e gatiin akka sirratti hin hafne eeggadhu. Addunyaa hamma ammaatti waan si barbaachisu siif dhi'eessiteef oolmaan ati ooltu maali? Mee naaf himi! Gatii ishee maaliin baafta? Badhaasi ati ishee badhaaftee deemtu maali? Ba'aa moo bu'aa taataaf? Situ beeka!

Itti yaadi. Dabalii itti yaadi. Irratti hojjedhu. Dhaamsa koo kana akka salphaatti hin ilaalin. Bor akka hin gaabbine har'a maal-dhibdi hin jedhin. Imaanaa!!

.....2.....

Hin gumgumiin, uumaa kee galateeffadhu!

Ni danda'ama ta'ee utuu danda'amee

Uumaan kee waa'ee kee utuu gaafatamee

Utuu yaada kennee maaliif akka si uume

Maal dubbata laata deebiinsaa maali mee?

Ani nama kana lafarratti uumuun koo

Hamaattii isa eegee 'sa jiraachisuun koo

Sammuu isaaf kennee nama taasisuun koo

Wanta biraaf miti sababni koo tokko

Walirraa utuu hin kutiin haala kam keessattuu

Ana uumaa isaa akka galateeffatu

Kaayyoo kanaaf ture kan inni jiraatu

Isaaf garuu hin galle dhugaa kanatu

Xinnaafis guddaafis cal jedhee gumguma

Waakkiidhaan dubbata yeroo hundumaa

Jedha jedheen yaada utuu gaafatamee

Akka ati jiraattuuf Waaqni inni si uume!

Jireenyi addunyaa adeemsa akka ta'e si yaadachiiseera. Adeemsa akkamii isa jedhummoo amman siif hima. Adeemsichi adeemsa mijataa kan gufuu hin qabne miti. Adeemsa akka barbaaddetti bal'ifattee irra deemtu miti. Adeemsa gammachuudhaan eegaltee gammachuudhaan xumurtu miti.

Sana mannaa adeemsa bu'aa ba'ii hedduu qabuu dha. Adeemsa tabba gurguddaa—mogolee nama miidhu—qabu. Adeemsa hafuura dheeraa baafachaa deeman. Adeemsa takka gaddaa takkammoo gammadaa deeman. Har'a sitti tolee kolfita. Borimmoo taatee si boossisutu uumama. Har'a milkooftee alaabaa mo'ichaa ol kaaftee raasuun addunyaatti argisiifta. Borimmoo dorgomtee kuftee akka muujjaa cooligee mataa gad qabattee yella'aa deemta.

Guyyaa tokko jireenyi sitti salphatti. Guyyaa itti aanummoo hamma gaara Everest taatee tuulamtee si dura dhaabbatti. Dhiibdee dhiibdee sochoosuu dadhabda. Al tokko namni hundi hamilee siif kennee ol si qaba. Si ajaa'ibsiifata. Al tokkommoo namni hundi fuula sitti gurraachessee sitti dukkanaa'uun jireenyas sitti dukkaneessa.

Yeroo tokko tokko wantonni akka ati barbaaddutti kallattii ati barbaadduun siif deemu.

Yeroo biraammoo wantota ati hin eegintu si mudatu. Rakkinni rakkina waama.

Yaa lubbuu koo!.....

Haala kam keessayyuu jiraadhu. Wanti fedhe si haa mudatu. Jireenyi kee gidiraa hammamii keessayyuu haa jiraatu. Yeroo sitti tolus yeroo sitti hin tolles hojiirra oolchuu kan ati qabdu qajeelfama guddaa tokkon siif kenna. Jireenya kee keessatti hamma liphsuu ijaafillee kan ati dagachuu hin qabne. Yeroo hundumaa yaadattee raawwachuun kan siif ta'u qajeelfama jireenyaa guddaa. Innis yeroo hundumaa uumaa kee galateeffachuun akka siif ta'uu dha.

Nan beeka kun baay'ee ulfaataa dha. Gaafa namaaf mijatu, guyyaa wantonni gaggaariin nama mudatan, yeroo namoonni nama jaallatan, yeroo hojjetanii itti milkaa'an, yeroo addunyaan mirga namaa dhaabattu, yeroo fayyaa guutuu qabaatan waaqa galateeffachuun salphaa dha.

Garuu guyyaa haalonni nama jalaa babbadan, gaafa namaaf mijachuu didu, guyyaa wantonni hin eegamin rakkisoon nama mudatan, yeroo namni hundi nama jibbu, yeroo itti dadhabanii hojjetanii milkooma dhaban, yeroo addunyaan dalga nama galtu, yeroo dhukkubsatan....afaan ofiitii baasanii galateeffachuun akka malee ulfaata.

Ta'ullee ati galateeffadhu. Hafuura baafachuu hamma dandeessutti, sammuun kee waa yaaduu hamma danda'utti galateeffadhu. Waan garaan kee dheebotu dhabdeetta ta'a. Abjuun kee ijoollummaa inni laphee kee ishee xiqqoo keessaa dha'ataa ture galma hin geenye ta'a. Bakka yaadde hin ga'iin jirta ta'a. Wanti abdii godhatte siif hin raawwatamne ta'a. Gaaffii gurguddaa keessa jirta ta'a. Nama icciitii kee siif qabu hiriyyaa dhugaa barbaaddee dhabdee

rakkoo hedduu qofaa kee baattee harganaa jirta ta'a. Ta'ullee galateeffadhu.

Yaadadhu! Namni waaqa galateeffachuuf sababa hin dhabu. Uffata yoo dhabde, qullaa ta'uu keef uumaa kee komachuu mannaa dhagna uffata itti uffattu qabaachuu keef galateeffadhu. Addunyaa kanarraa nama meeqatu dhagna itti uffatu dhabee ciisee aadaa jiraa. Kophee yoo dhabde, kophee dhabuu keef dhibaa'ummaa irratti dubbattee uumaa keen wal dhabuu mannaa miilla kophee itti ka'attu siif kennuu isaaf galateeffadhu. Nama meeqatu miilla hin qabuu. Yoo beelofte, miira beelaa kee obsuu dadhabdee waaqa hin komatiin. "Waan na nyaachiftu erga naaf hin laannee maaliif lafarratti na uumte? Dhalachuun koo maaliif hin hafiin?" hin jedhiin. Qaama fayyaa qabaatee beela'uu danda'u isa siif kenne galateeffadhu. Nama meeqatu waan nyaatamu utuu qabuu akka itti nyaatu dhabee dararamaa jiraa.

Lubbuu koo!.....

Yoo maallaqa dhabde, maallaqa dhabuu keef waaqa komachuu utuu hin taane, waan maallaqni bituu hin dandeenye qabaachuu keef galateeffadhu. Dheengadda maal akka argine yaadadhu. Nama dhukkubsatee wayyaa ofitti maree konkolaataa keessa ciisu sana yaadadhu. Suurri namichaa fi barreeffamni dhukkuba isaa ibsu konkolaaticha irratti maxxanfamee jira. Namni fayyaan tokkommoo sagalee guddiftuu qabatee konkolaaticha keessaa sagalee guddaadhaan iyyee maallaqa kadhataaf. "Adaraa Maaramii! Adaraa Gabreelii!.....Nu bira hin darbinaa. Obboleessi asitti

argitan kun dargaggoo ganna 28 yoo ta'u, abbaa maatiiti. Ijoollee sadii qaba: dhiira lamaa fi durba tokko. Dhukkuba onneen qabamee hospitaala Leenca Gurraachatti (*Xiqur Ambassaa jedhan jarri!)* yaalamaa ture. Dhuma irratti dhibeen isaa biyya keessatti yaalamuu waan hin dandeenyeef, boordiin hospitaalichaa Kibba Afrikaa, Johaannisbarg deemee akka yaalamu murteesseera.

Achi deemee yaalamuuf ammoo maallaqa Itoophiyaa qarshii kuma dhibba sadii fi saddeettama gaafata. Yaa firoota koo, egaa kadhaaf kan karaatti nu baase kana dha. Adaraa keessan. Adaraa Maaramii! Adaraa Gabreelii!....Hamma dandeessan nu gargaaraa. Lubbuu obboleessa kanaa waliin taanee du'a jalaa haa baraarru. Ijoollee isaa maatii malee hafanii diigamuu irraa haa oolchinu. Lammiif kan qaqqabu lammii dha. Wal malee maal qabnaa? Adaraa keessan..." jedhee kadhata. Warra itti goranii waa hiixataniif ammoo akka bokkaa Hagayyaa eebba itti roobsa. "Mana keessan irra isin haa jiraachisu! Balaa fi dhibee akka malee isin irraa haa qabu. Nagaa guutuu qabaadhaa. Gabreeliin balaa irraa isin haa baraaru. Kadhaaf karaatti hin ba'inaa!" jedha.

Lubbuu koo!.....

Mee yaadi. Akka ati qarshii kuma dhibba sadii fi saddeettama hin qabne beekamaa dha. Hin qabdu. Garuu onneen kee fayyaa dha. Akka namichaa onnee dhukkubsattee maallaqa hamma sana si hin barbaachifne. Kun maal jechuu dha? Onnee fayyaa qabda jechuun qarshii kuma dhibba sadii fi saddeettama qabda jechuu dha. Fayyaan maallaqa akka caalu

kan namaaf galu gaafa dhukkubsatan qofa. Amma kana...kunoo amma kaatee utuu hospitaala tokko seentee dhukkubsataa ciisee aadu argitee, du'aa fi jireenya gidduu seenee kan dhiphatu nama meeqa utuu ilaaltee, fayyaa keef uumaa galateeffatta. Namni fayyaa dhabee ittiin yaalamuuf qarshii kadhata. Atimmoo dhukkuba hin qabdu. Fayyaa qarshii caalu erga qabaattee, qarshii qabda. Giiphii kee keessaa yokiis baankiidhaa utuu hin taane, qaama kee keessaa qabda. Akkamitti ani hiyyeessa ofiin jettaree? Hin jedhamu!

Dureessi siree gaarii bitachuu danda'a. Hirriba garuu maallaqa isaan hin bitatu. Namni maallaqa qabu kitaaba gaggaarii bitachuu danda'a. Beekumsi garuu maallaqaan hin bitamu. Qarshiin nyaata gaggaarii siif bituu danda'a. Garaacha fayyaa garuu namaaf hin bitu. Wantota dureessi qarshiin bitachuu hin dandeenye erga qabaattee akka ati hin galateeffanne maaltu si taasisaree? Siree miidhagaa dhabdus, waanuma irra raftu irratti hirriba nagaa raftee erga bultee; maddoota beekumsaa haalaan argachuu dhabdus beekumsa si ga'u erga qabaattee, nyaata gaggaarii nyaachuu baattus nyaattee erga siif sifaa'ee...maaliif hin galateeffattu?

Lubbuu koo!...

Addunyaa kanarraa guyyaa tokkotti namoota hedduutu du'u. Maarree ati namoota guyyaa kaleessaa du'anii awwaalaman keessaa tokko hin taane. Nagaan raftee nagaan dammaqxee jireenya jiraachuu itti fufteetta. Balaan tasaa si mudatee hin duune. Konkolaataan ittiin deemaa oolte galagalee si hin ajjeefne. Nyaanni ati nyaatte summaa'ee yokiis akka tasaa ol

si ka'ee si hin ajjeefne. Humni elektirikaa si qabatee si hin ajjeefne. Ganna waan ta'eef bakakkaan sirra bu'ee si hin ajjeefne. Dhoqqee irra ejjettee mucucaattee kuftee hin duune. Ammayyuu lubbuudhaan jirta. Kun galateeffachuuf sababa barbaadamuu ol mitiiree?

Addunyaa kanarraa namoonni hedduun barreessuuf dubbisuu hin danda'an. Mana barnootaa seenanii barnoota idilee argachuuf carraa hin arganne. Atimmoo namoota kanneen keessaa tokko hin taane. Ni dubbifta. Ni barreessita. Ergaa addunyaan waliif dhaamu ni hubatta. Ofii kee dubbisuu dadhabuudhaan namoota dubbisuu danda'an hawwaa hin jirtu. Utuun akka abaluufaa baradheera ta'ee jettee gaabbii hin qabdu. Kun si hin galateeffachiisuuree?

Namoonni miliyoonaan lakkaa'aman mana keessa jiraatan waan hin qabneef daandii irra bulu. Qorraa fi bokkaa danda'anii jiraatu. Ati garuu isaan keessaa tokko miti. Kiraa haa ta'ullee malee mana keessa jiraattu qabda. Ala hin bultu. Bokkaa fi qorraan gubattee dararamaa hin jirtu. Kanaafhoo Waaqayyoon maaliif hin galateeffattu?

Jireenya kee keessatti waan dhabde qofa ilaaltee hin yaadda'in. Waan qabdu irratti xiyyeeffadhu. Isa sitti hir'ate qofa ilaaltee komachaa jiraachuu dhiisiitii isa siif guuteef galateeffadhu. Barattuun kutaa tokkoo sun barnoota guddaa tokko nu hin barsiifnee? Barnoota ishee semisteera tokkoffaa xumurtee qabxii ishee bartee gara manaatti galte. Abbaan ishee ofitti waamee meeqaffaa akka baate ishee gaafate. Shanaffaa akka baate itti himte. Abbaan ishee qabxii isheetti

hin gammadne. Tokkoffaa baati jedhee eegaa waan tureef fuula itti dukkaneesse. Hamilee ga'aa hin laanneef. "Tokkoffaaf utuun si eeguu shanaffaa baataa? Maaliif?" jedhee gaafate.

"Baabbaa koo," jette sagalee nama hawwatuun, "Waan siif hin galletu jiraam. Daree ani itti baradhu keessa barattoota jaatamatu jiru. Jaatama keessaa shanaffaan ba'e. Nama afur qofatu na dura jira. Barattoonni shantamii shan garuu na booddee jiru. Warra na booda jiran barattoota shantamii shan arguu dadhabdee, barattoota muraasa [4] warra na dura jiran qofa argite. Garuu maaliif?" ittiin jette. Dubbii inni ishee irraa hin eegiin dhaga'uu isaaf rifatee callise.

Dhugaadhaam! Waan nu galateeffachiisu hedduu arguu dadhabnee waan nu komachiisu muraasa arginee uumaa keenyaan walitti buuna. Macaafni Guddichi maal nu barsiisaa? Seenaa nama Iyoob jedhamuu sanaa. Sababa malee gidiraan yommuu itti dhufu, fayyaa fi qabeenya isaa ijoollee isaas yeroo dhabu maal akka inni jedhe yaadadhu. Haadha manaa isaa ishee, "Waaqayyoon arrabsii du'i" isaan jetteef deebii inni deebise yaadaan qabi. "Atis akkuma dubartoota gowwaa taataa? Waan gaarii akkuma irraa fudhanne waan hamaas isa irraa fudhachuun nuuf ta'a!" jedhe. Atis akkuma yeroo wanti gaariin siif ta'u galateeffattu, wanti hamaan yeroo si mudatus galateeffadhu.

Hin gumgumiin. Hin komatin. Waaqayyoon komattee isa hin gaddisiisin. Guyyaa tokkotti—sa'atii 24 keessatti—yoo xiqqaate si'a 22,000 harganta. Yeroo qilleensa ol fudhattee

baafattu mara uumaadhaan, "Galata kee!" jedhi. Raawwattee waakkii hin dubbatin. Hir'uu haasoftee uumaa kee namatti hin hamatiin. Carraa argatte hundumaan, yeroo argatte hundumaatti, haala argatte hundumaa keessatti, namoota argatte hundumaatti wanta gaarii uumaan kee siif godhe qofa dubbadhu.

Yeroo hedduu wanti hamaan hamma fedheyyuu yoo hammaate waan gaarii of keessaa ni qabaata. Rooziin qoraattii qaba. Nama waraana. Ta'ullee, abaaboo miidhagaa fi urgaa'aa kan akka malee ija namaa hawwatus ni qaba. Kaannisni ilkee qaba. Yoo nama hidde nama dhukkubsa. Garuu damma akka malee miyaa'u namaaf kenna. Kanaafuu, wanti hamaan tokko yommuu si mudatu, hammeenya isaa duwwaa irratti xiyyeeffattee mataa of naannessuu utuu hin taane, wanti uumaa kee si galateeffachiisu maaltu akka keessa jiru hubannaadhaan ilaali.

Wanta dubartittiin guyyaa tokkoo sun dubbatte yaadadhu. Si yaadachiisuu? "Mucaan ilmaa koo umurii waggaa 16tti na jalaa du'e. Baay'ee nama gaddisiisa. Taatee kana keessaa wanti uumaa galateeffachiisu yoo jiraateef ittan yaade. Nan argadhes. Waggoota 16 yeroon ilma koo waliin ture keessatti guyyoota gammachiisoo kanneen hin irraanfatamne isa waliin dabarseera. Har'a du'aan mucaa koo dhabus, guyyoota gaggaarii sana naaf kennuu isaaf uumaa koo galateeffadheera" jette.

Itti dabalteehoo? "Guyyaa tokko tokko abbaan manaa koo hojiidhaa galee na wajjin haasa'uu dhiisee taa'ee gaazexaa

dubbisa. Yokiinimmoo TV ilaala. Ani isa yaadaan oola, akka inni na waliin haasa'un barbaada. Inni garuu hojii biraatti qabama. Aaruuf jedheen gidduutti waa yaada. Dubartoota addunyaa keessa jiran hedduu warra abbaa manaa hin qabne. Natti dubbachuu baatus, dubartii abbaa manaa qabdu isa na taasise uumaa koon galateeffadha" jette. "Guyyaa tokko tokko hojii oolee dadhabee galeen boqochuu fedha. Kutaa ciisichaa seenaan ciisa. Iddoo tasgabbaa'aa fi bakka jeequmsi hin jirren barbaada. Ijoolleen koo garuu mana keessa fiiganii waan taphataniif sagalee isaanii ol kaasanii na jeequ. Aaruuf jedheen gidduuttimmoo waa yaada. Ijoolleen koo taphatanii kan na jeeqan fayyaa guutuu waan qabaniif. Utuu dhukkubsatanii natti hin iyyan. Kanaaf jeequmsa isaaniitti aaruu dhiiseen, uumaa isaanii isa fayyaa isaaniif kenne galateeffadha."

"Guyyaa tokko abbaan manaa koo furtuu mana keenyaa qabatee gara manaatti galuu dide. Hojiidhaa dhufee yeroo dheeraan ala dhaabadhee isa eege. Itti aaruuf ka'een gidduutti waa yaade. Utuu abbaan manaa koo furtuu kana fuudhee hin deemne ta'ee, silaa hattuun furticha fudhatee banatee mana seena. Mana seenee meeshaa keenya hunda nu saama ture. Isan ala dhaabadhu aaruu dhiiseen isa meeshaan keenya hatamuu ooleef waaqa galateeffadha" jette.

Yaa lubbuu koo!...

Rakkina kee keessaa galata barbaadii uumaaf kenni. Yoo barbaaddee dhabde sababa guddaa tokkon siif kenna. Yoo xiqqaatee xiqqaatee hamma har'aatti lubbuudhaan jirta.

Hafuura ni baafatta. Kun si galateeffachiisa. Yaadadhu! Umurii gabaabduu jiraatte keessatti namoota meeqa of biraa dhabdeetta. Balaa to'annaa isaanii gararraa ta'een du'anii kan hafan meeqatu jiru? Atis jabaattee hin jiraanne. Humna qabaattee, beekaa taatee, dureessa taatee yokiis waan addaa tokko qabaattee hamma har'aatti hin jiraanne. Lakki! Akkana miti. Hammam dadhabaa akka taate atuu beekta. Garuu jiraatteetta. Kun gargaarsa uumaati.

Lubbuu koo!.....

Qoraattii roozii kee irra jiruuf uumaa komachuu mannaa abaaboo roozii kee irra jirutti gammadi.

....3....

Dubbisi, dubbisuu hin dadhabiin

Hamma jiraattutti addunyaa kanarra

Mudannoo hedduutu fuul dura kee jira

Nama baay'ee horatta hiriyyaa fi fira

Tokko si jaallata tokko si gurgura

Tarkaanfii jireenyaa taasiftu keessatti

Umurii kee guutuu waggaa lakkooftutti

Michuun tokko jira hiriyyaan si hin ganne

Haala irratti hundaa'ee kan si dhiisee hin deemne

Bu'aa xiqqoof jedhee kan si hin gurguranne

Ofii darbee deemuuf boolla kan si hin buufne

Hiriyyaa dhugaa garaan isaa qulqulluu

Waahila amansiisaa fira fira caalu

Yoo kufte kan si kaasu

Dadhabnaan kan si jabeessu

Michuu tokko qabda michuu ajaa'ibaa

...innis kitaaba!

Har’as qajeelfama guddaa tokkon siif kenna. Kun qajeelfama ati akka salphaatti ilaaluu hin qabnee dha. *Take it serious!* Qajeelfama kana hojiirra oolchitee si arguun fedha. Akka amaleeffattu, barsiifata akka siif ta’u, aadaa akka taasifattun barbaada. Dogoggora namoonni hedduun uuman waan ta’eef, atis qajeelfama kana hin dogoggorin.

Jireenya kee keessatti kitaabotaaf iddoo guddaa qabaadhu. Dubbisuun hojii yokiis amala ati ittiin beekamtu haa ta’u. Namni waa’ee kee yaadu yeroo hundumaa wanti inni ittiin si yaadachuu qabu dubbisuu siif haa ta’u.

Lubbuu koo!....

Aadaan dubbisuu aadaa ati ittiin beekamtu siif haa ta’u. Baacoo fi oduu durii funaantee nama kofalchiisuun miti. Miti! Tokko tokkotti hamattee namoota walitti buusuun miti. Xinnaafis guddaafis aartee dheekkamuudhaan miti. Namni si beeku marti amala dubbisuu keetiin si haa beeku.

Kitaabonni michuu jireenya keetiiti. Michuu waan hamaa sitti hin yaadne. Michuu akka namaa waan meeqaan si hin gaddisiifne. Michuu waa siif kennuuf malee waa sirraa fudhachuuf sitti hin dhi’aanne. Michuu jaalala haala irratti hundaa’een si hin sossobne. Michuu icciitii kee baasee hin saaxille. Michuu bu’aa sirraa hin barbaanne. Michuu garaa qulqulluu. Michuu kallattii hin taane si agarsiisee galma gadheetti si hin geessine. Kitaabonni michuu keeti. Michuu ati amanachuu dandeessu; kan ati gaaf tokko dabarsee na

kenna jettee hin sodaanne; michuu du'aafan of biraa dhaba jettee hin sodaanne; michuu har'a faara sitti tolee bor sitti hin jijjiiramne....kitaabonni michuu keeti.

Kitaabonni hundi si gargaaru jechuu koo miti. Kanneen baay'ee si fayyadan akkuma jiran, kanneen si balleessanis ni jiru. Kanneen kallattii sirrii si argisiisanii galma miidhagaatti si geessan akkuma jiran kanneen gara hin taanetti si oofanis hedduu dha. Kitaabonni sammuu kee irratti dhiibbaa fi jijjiirama gaarii fidan akkuma jiran, kitaabonni jireenya kee miidhanis ni jiru. Tokko tokko nama guddaa guddatee lammii isaaf bu'aa buusu si taasisu, kaanimmoo nama dhaloota dogoggorsu kan badiisa namoota hedduuf sababa ta'u si taasisu.

Kanaafuu, waan argatte hunda akka ati dubbiftu siif hin dhaamu. Kitaabota si fayyadan qofa akka dubbiftun si gorsa. Jireenyi dhimma filannoo akka ta'e beekta. Har'i keenya bu'aa filannoo keenya kaleessaa akka ta'e deddeebi'ee si yaadachiiseera.

Filannoon keenya har'aammoo jireenya keenya isa borii irratti hundaa'a.

Hamma jiraattutti filannoowwan ati taasiftu warra baay'ee barbaachisoo fi murteessoo keessaa tokko filannoo kitaabotaati. Eeggannoo guddaadhaan erga filattee booda yeroo fudhadhuutii dubbisi.

Kitaabota itti amantu dubbisuuf yeroon ati fudhatte yeroo qisaasa'e sitti hin fakkaatiin. Yeroon dubbisa kitaabotaaf oole dhuguma yeroo ati haalaan dhimma itti baatee dha. Namoonni tokko tokko qabxii kana wallaalu. Mana shayee tokko ta'anii nama waliin sa'atii sadii fi walakkaa haasa'u. Ni odeessu. Dhimma dhuunfaa isaanii, dhimma namoota biroo, dhimma naannoo isaanii....waan meeqa haasa'aa oolu. Wanti isaan hafu hin jiru. Kitaaba dubbisuuf daqiiqaa kudha shan yoo fudhatan garuu du'a itti fakkaata. Yeroo isaaniitti akka waan taphataniitti ilaalu. Dogoggorri kana caalu maaltu jira laata?

Yaadadhu, namoota waliin yeroo haasoftu yeroo hedduu wanta nama haaressu hin haasoftu. Mata duree ofii filatte utuu hin taane kan namichi inni ati waliin haasoftu sun filatte haasofta. Nama tokko jajjee isa kaan hamatta. Tokkoof hamilee kennitee hamilee isa tokkoorra deemta. Waan hedduu waan haasoftuuf cubbuu hedduutu keessa jira.

Kitaabonni garuu dogoggoraa fi cubbuu akkanaa irraa si oolchu. Akka ati nama itti hamattu gurra siif hin kennan. Waa siif kennuuf malee waa sirraa fudhachuuf carraa hin argattu. Maamilli ati waliin dubbattee jal'ina kamuu keessa hin galle kitaaba qofa! Yoo kun soba sitti fakkaate asuma irratti dhaabiitii nama tokko waliin haasa'i. Daqiiqaa muraasa waliin haasa'ii hammam wantota hin barbaachifne akka dubbattu of irratti ilaali.

Kanaafuu, akka kootti namoota waliin yeroo dheeraa fudhattee kitaabotaaf yeroo dhabuu mannaa, kitaabotaaf

yeroo dheeraa kenniitii namootaaf yeroo kennitu gabaabsi. Gaaffii akka qabdu nan arga! “Kun attamitti danda’amaa? Nama malee akkamittan jiraadha?” yeroo naan jettu natti dhaga’ama. Maaliif dalga na hubattaa? Maal taate? Nama malee jiraachuu dandeessa yooman jedhe?"

Lubbuu koo!.....

Si dadhabaa kana haa turuu eenyuyyuu nama malee jiraachuu hin dandeenye. Sana gochuu kan yaale yoo jiraatemmoo hin milkoofne. Yesuus Kiristoos lafa irra yeroo ture namoota kudha lama waamee—bartoota taasifatee—waliin jiraate. Isayyuu namni barbaachiseera. Atis nama malee jiraachuu hin dandeessu. Karaa kamiinuu hin dandeessu. Qabxiin ani siif ibsuu barbaade garuu namoota wajjin jiraattuuf yeroo hin barbaachifne akka hin kenninee dha. Nama taa’ee nama sitti hamatu waliin sa’atii hedduu gubuu irra kitaaba waan gaarii irraa barattu waliin turuu siif hin wayyuu? Wayya!

Kitaabota hedduu dubbisuun nama sababaa fi bu’aa gad fageessee yaadu si taasisa. Hammam beekaa akka taate miti, hammam wallaalaa akka taate si argisiisuun beekumsa dabalataa argachuuf dheebuu si keessatti uumu. Hammuma baay’ee dubbisaa dhuftu beekumsa dheebochaa dhufta. Yoo dubbifte dubbiin ati dubbatu bilchaataa fi kan namoota irratti dhiibbaa taasisu ta’a. Dubbattee amansiifta. Hawaasa keessatti dhageettii qabaatta. Hayyuu taata—hayyuu bu’aa buusu.

Wanta michuun keenya yeroo darbe nuun jedhe yaadadhu. "Maaliif akkanatti yeroo dheeraa fudhattee dubbiftaa?" jennee yeroo gaafanne deebiin isaa maal turee? "Dubbisuun gaarii dha. Ergan kitaabota dubbisuutti ka'ee sammuun koo nagaa argate. Dubbisuun sammuu bal'isee afaan dhiphisa. Baay'ee kan dubbiftu yoo taate waan baay'ee hin dubbattu. Xiqqoo dubbatta, garuu ishumaan waan guddaa hojjetta" nuun jedhe. Nama hin dhibuu? Kitaabota dubbisuun sammuu namaa akka bal'isuu fi afaan namaa akka dhiphisu erga nuuf himee maaliif hin dubbifturee?

Maallaqa kitaaba bitachuuf baafteef gaabbuun sirra hin jiraatu. Na fayyada jettee kitaaba itti amantu bituuf maallaqni ati baaftu akka waan baankii kaawwatteetti sitti haa dhagaa'amu. Iddoo baankii caalu, bakka amansiisaa, gola hattuun seentee si jalaa hin hanne, kutaa moofa'ee si jalaa hin banne keessa kaawwachuu dha—sammuu kee keessa. Mudannoo hiriyyaa keenyaa isa yeroo darbee yaadadhu.

Tolasaan qarshii 150 qofa giiphii isaa keessaa qaba ture. Hiriyyaa isaa Gaarummaa waliin osoo deemuu karaa irratti nama kitaabota gurguru argan. Itti goraniis ilaalan. Achumaan Tolasaan qarshii jaatama jaatama baasee qarshii 120' n kitaabota lama bitate. Qarshii 30 qofatu isaaf hafe. Gaarummaan akka malee itti dheekkame. Sun gowwummaa guddaa fakkaatee itti mul'ate.

Tolasaan ija isaa keessa ilaalaa Gaarummaadhaan akkana jedhe, "Hin dogoggorin! Kitaaba bitachuuf qarshiin baaseef yoomiyyuu hin gaabbu. Qarshii walirra tuulee dureessa

ta'uun waan addaa miti. Sun salphaa dha. Addunyaa kanarraa wanti ati akka tasaatti ta'uu dandeessu dureessa dha. Dureessa maallaqaa. Maaltu beeka? Guyyaa tokko akka tasaa osoo karaa deemtuu dhagaa calaqqisu tokko argitee gad jettee fudhatta. Yommuu qorachiiftu warqee ta'a. Deemtee gurguratta. Argitee! Dhagaa lafaa fuutee gurgurattee ittiin miliyeenera taata. Yoo kun siif ta'uu baatemmoo waliin dhooftee duroomuu dandeessa. Qarshiin waraqaa seera qabeessa dha—ni hatama. Hattee duroomuun salphaadha" jedhe.

Ittuma fufee akkana jedheen, "Addunyaa kana irraa wanti ati akka tasaatti ta'uu hin dandeenye hayyuu dha. Eenyuyyuu akka carraa hayyuu ta'uu hin danda'u. Sababni isaa beekumsi akka qarshii waraqaa miti. Giiphii keessa yokiin baankii keessa hin kaa'amu. Harkaan hin qaqqabamu, ijaanis hin argamu. Sammuu keessatti qofa kuufamuu danda'a. Maarree namni hayyuu ta'uu fedhu, beekaan beekumsa isaan dhalootaaf waa buusuu barbaadu yoomiyyuu karaa ittiin beekumsa argatu barbaaduu qaba. Karaawwan gara sanatti geessan keessaa tokko—inni murteessaan—kitaabota dubbisuu dha."

Tolasaan ibsa ajaa'ibsiisaa kenne. Atis ibsa kana qalbifadhu. Ergaa guddaa iddoo gaarii kaa'amuu qabuu dha. Yoo waan fedheef yeroo dhabde kitaabota waliin dabarsuuf yeroo hin dhabin. Eenyu irraallee yoo fagaatte kitaabota irraa hin fagaatiin. Itti dhi'aadhu. Michoomfadhu. Ofitti qabi.

Wanti nama gaddisiisu hawaasi ati keessa jirtu muuxannoo dubbisuu ga'aa hin qabu. Abbootiin ijoollee isaaniif kitaabota barbaachisoo bituuf fedha hin qabaatan. Hiriyyoota isaanii waamanii galgala tokko dhugaatii wal afeeru. Biiraa dhuganii dhuganii garaatti of guutu. Dhugaatii bor irraanfatamuuf qarshii dhibbaa fi wayi baasanii, kitaaba ijoollee isaanii fayyadu garuu qarshii shantamaan bituu dadhabu. Sababni isaa yoo kitaaba bitan akka waan maallaqa isaanii waan hin taanetti baasaniitti ilaalu. Ilaalchi kun ilaalcha dhukkubsataa dha. Ilaalcha rakkina qabu. Akkasitti akka yaadan kan isaan taasisu dhiphina sammuuti—sunimmoo ofii isaanii kitaabota dubbisuu dhabuu isaanii irraa dhufa.

Amma waan hedduu waan hubatte natti fakkaata. Eebba sana yaadadhu, "Sammuun kee qullaa ta'uu irra giiphiin kee qullaa haa ta'u!" isa jedhu. Maarree, giiphii keetti hir'isii sammuu keetti kuusi.

Nan beeka aadaan dubbisuu Afrikaa keessatti hir'ina qaba. Nuti ijoollee Afrikaaf waa dubbisuu fi barreessuu caalaa uumaan haasa'uu nuuf kenne. Daqiiqaa shan dubbisuu mannaa sa'atii shan odeessuu filanna. Haasofnee haasofnee hin quufnu. Taatee guyyaa tokkoo waggaa guutuu dubbanna.

Faranjoonni Lixaa dhufanii maakiyaatoo qarshii shanii nu afeeruun waan meeqa nu haasofsiisu. Isa nuti haasofnu waraabbatanii fudhatanii deemu. Yeroo xiqqoo booda oduu keenya kitaaba gochuun maxxansiisanii gatii guddaan nutti gurguratu. Dubbisuu baannus irraa bitanna. Fuula tokko hin barreessinu, fuula tokko hin dubbifnu. Akka kootti dhukkubni

kana caalu hin jiru. Dhukkuba fayyina atattamaa barbaadu dha—kun.

Namoonni gariin kaayyoo sirrii hin taaneef kitaaba dubbisu. Fakkeenyaaf, yoo hirribni isaan qabachuu dide qofa kan kitaaba dubbisan hedduu dha. Akka kitaabni lafarra jiru kan yaadatan gaafa hirribni dhibu dha. Isumayyuu irraa barachuuf utuu hin taane, hirriba isaanii ittiin eeggachuuf. Yeroo hirribni isaanii dhufu kitaaba dugdaan ciisanii dubbisaa turan funyaanitti haguuggatanii rafu. Ni rafu. Halkan guutuu rafu. Rafanii rafanii hin quufan. Nama tokkoof guyyaa tokkotti hirribni sa'atii torbaa ga'aa dha. Namoonni tokko tokkommoo sa'atii ja'a qofa rafnaan ga'aa dha. Kan maaliitiree inni kitaaba dubbisuu dhiisanii halkan guutuu rafaa bulan?

Namoonni tokko tokkommoo waan hojjetan dhabanii yeroo muka'an kitaabni ija isaanii dura bu'a. Mukuu itti ba'uuf qofa dubbisu. Kunis kaayyoo fayyaalessa miti. Kitaaba dubbisuuf yeroon mijataan yeroo itti sammuun ofii dadhabee waan hojjetu wallaalu miti. Yeroo itti lafti namatti dhiphatee miirri namaa jeeqamu miti. Yeroo waan fuudhanii waan kaa'an wallaalan miti. Yeroon kitaaba dubbisuuf ta'u inni sirriin yeroo itti sammuun namaa dadhabbii fi mukuu irraa bilisa ta'ee odeeffannoo argatu fudhachuuf qophaa'aa ta'uu dha.

Walakkaan immoo utuu namoonni kitaaba tokko jajanii dhaga'anii irraa ergifatu. Silaa maallaqa baasanii bituun isaaniif akka yakkaatti ilaalama. Ergifatanii fudhatanii galu. Fuula jalqabaa bananii ilaalu. Galataa fi seensa kitaabichaa

qofa dubbisu. Galagalchanii dugda kitaabichaa irra isa jiru dubbisu. Sana goonaan boraatii siree isaanii irra jiru jala kaa'u. Ofii hin dubbisan, namas hin dubbisiisan. Hayyuun sun maal jedhee? "Akka nama kitaaba dubbisuu eegalee gidduutti dhiisuu namni nama gaddisiisu hin jiru!" Namoota akkanaa meeqa qabnaa laata? Keessumaa hawaasni keenya kanaan guddaa komatama.

Lubbuu koo!...

Kaayyoon ati kitaabota dubbiftuuf waan tokko qofa haa ta'u. Innis beekumsa ittiin of fayyaddee lammii kee fayyaddu argachuuf. Na amani, qajeelfamni kun si gargaara. Dubbisi dubbisi dubbisuu hin dadhabin. Hin nuffiin. Addaan hin kutin. Yoos nama dhimma baasu taata. Ni guddattas. Jabaadhu!

....4....

Obsi, Obsa hin dhabiin

Addunyaa gidiraa addunyaa rakkistuu
Kan nama waraantu qoraattiidhaan guutuu
Bu'aa ba'ii qabdi hundaaf hin mijattu
Tokkotti yoo tolte kaanittimmoo hamtuu
Tokko kofalchiiftee 'sa tokko boossisti
Nama tokko ol kaastee 'sa tokko gad buusti
Filannoo mataa isheen nama wal caalchifti
Ija tokko hin qabdu qooddee nama ilaalti
Jireenyi ofuma ishee mana barnootaati
Rakkistee dhiphistee waa nama barsiisti
Mi'aawaas hadha'aas gaarii ta'u hamaa isaa
Danda'anii deemuuf gammachuu fi gadda isaa
Meeshaan tokkotu jiru baay'ee barbaachisaa

...innis obsa!

Jireenyi addunyaa bu'aa ba'ii akka qabuu fi daandii bal'ifatanii irra deeman akka hin taane duraan siif himeen ture. Bu'aa ba'ii sana keessa darbuuf wantota haalaan barbaachisan keessaa tokko obsa dha. Jireenyi addunyaa galaana dha yoo jedhame, riqichi ittiin ce'an obsa dha.

Lubbuu koo!...

Yoomiyyuu Macaafa Qulqulluu dubbisuun amala ijoollummaadhaa kaastee barsiifattee dha. Sun qajeelfama jireenya keetiiti. Ammas yaadaadhu! Kitaabni guddichi maal akka barsiisu. Noh markaba ittiin badisa oolu hojjetachuuf waggoota 120 itti fudhate. Waggoota kana hundumaa hojii tokko hojjechuun dadhabsiisaa ta'uurra darbee nuffisiisaa dha. Waan hojjechuuf of kenne tokkoof namni hamma kana gatii baasa jechuu dha.

Abrahaam ilma isaa argachuuf waggoota 25 eeguutu itti ture. Utuu dhala hin godhatin umuriin isaa waggoota 99 kan ga'e Abrahaam, guyyaa tokko uumaan maqaadhaan isa waame. Waamee waadaa guddaa tokko isaaf kenne. Ilma akka isaaf kennu. Haa ta'u malee, ilma isaa sana argachuuf waggoota 25 eeguutu isa irra ture.

Museen waggoota 40 guutuu lafa onaa keessa taa'ee Waaqa eeggachuutu irra ture. Waggoonni 40 qoosaa dhaa? Jabinni ittiin obsanii hamma kana eeggatanhoo eessaa dhufaa? Kun hin ulfaatuu?

Namoota Macaafa Qulqulluu keessaa duwwaa miti. Baroota adda addaatti namoonni obsa qabaachuun fakkeenya siif ta'an hedduutu jiru. Mee armaan gaditti muraasa isaaniin si yaadachiisa.

Li'oonaardoo Daavinchii hamma tokko seenaa jireenya isaa beekta. Nama uumaan kennaa hedduu kenneef—nama dandeettii addaa qabu ture. Saayintistii, artistii fi nama filoosoofii ture. Fakkii kaasuudhaan namni isa dorgomu waan jiru hin fakkaatu. Moonaaliizaan hojii isaa addaati. Akka salphaatti hin hojjenne. Baay'ee baay'ee itti dadhabe. Hidhii Moonaaliizaa qofa hojjetee xumuruuf waggoota 11 hojjete. Hubadhu! Guyyaa 11 ykn ji'oota 11 miti. Waggoota 11'n jedhe. Obsa guddaa!

Toomaas A. Ediisen namoota dandeettii kalaqaa adda ta'e qaban muraasa addunyaan keenya argite keessaa isa tokko ture. Barumsa ji'a sadii qofaa ture kan barate. Dhamaatii mataa isaa fi gargaarsa harmee isaatiin garuu addunyaa kanaaf oolmaa guddaa ooleera. Kanaafuu, namoota addunyaan kun tasuma dagachuu hin dandeenye keessaa tokko dha. Balbii elektirikii hojjechuuf yeroo 10,000 ol irra deddeebi'ee yaaluu qaba ture. Kanas hubadhu! Yeroo kudhan hin jenne, yeroo kuma kudhan! Balbii ishee hojjete sana hojjetoota isaa keessaa isa tokko waamee akka inni isaaf kaa'uuf itti kenne. Innis baatee utuu deemuu lafa buusee cabse. Hojii yeroo hamma sana dheeratu fudhatee hojjetame al tokkotti lafa buusee yommuu cabsu—utuu Ediiseniin taatee maal taata? Inni garuu ni callise. Irra deebi'ee hojjete.

Wanti nama ajaa'ibu immoo isa irra deebi'ee hojjete sanas namicha isa dura jalaa cabse sanatti kennuu isaati. Namoonni hedduun utuu jiranii isa balbii jalqabaa jalaa cabse waamee itti kennuun isaa fakkeenya obsaa namoonni hedduun ajaa'ibsiifatan ta'ee jiraata. Obsa!

Niilsen Mandeellaan bilisummaa biyya isaa isa abjoote bira ga'uuf waggoota 27 mana hidhaa Rooben keessatti hidhamee eeguutu irra ture. Yeroo mana hidhaa seene ga'eessa ture. Yeroo hiikamee ba'u garuu jaarsa mataa harrii ta'ee ture. "Obbo Mandeellaa, ni dulloomtekaa!" isaan jedhe namichi tokko. "Eyyee, bilchaadheen ba'e!" jedhee deebiseef.

Hiikaa Awwaajii (Onesimoos Nasib) Macaafa Qulqulluu yeroo jalqabaaf Afaan Oromootti hiikuudhaan beekama. Sana birattis kitaabota biroo tokko tokko hiikee maxxansiiseera. Kitaabota ofii isaatiis barreesseera. Namoota guddina Afaan Oromoof ga'ee addaa taphatan keessaa nama tokko ture. Biyya Awurooppaa keessatti waggoota 10 gannaa fi bona guutuu taa'ee Macaafa Qulqulluu hiike. Hiikee erga xumuree boodammoo deggersa gaafatee maxxansiisuuf waggoota 7 guutuu itti fudhate. Walumaa galatti waggoota 17 itti fudhate—hojiin hiikkaa sun.

Tokko lama jedhee ibsee fixuu hin danda'u. Obsanii kaayyoo isaanii bira kan ga'an, itti dadhabanii hojjetanii abjuu isaanii fiixaan kan baafatan, dhiibbaa fi rakkina, gufuu fi miidhama isaan mudate hundumaa keessa darbanii bakka yaadan kan ga'an hedduutu jiru.

Ati garuu, qoramtee kan itti darbuu dadhabde inni guddaan obsa dha. Kaayyoo qabda. Abjuu qabda. Mul'ata qabda. Fagoo yaadda, fagoo argitas. Garuu obsa hin qabdu. Wanti ani siif mirkaneessuu barbaadu garuu obsa malee eessayyuu ga'uu akka hin dandeenyee dha.

Dhugaa dha! Addunyaan kun kan warra obsa qabaniiti. Jireenya kee guyyaa guyyaa keessatti obsi murteessaa dha. Keessumaa amala namootaa dandeessee wajjin jiraachuuf obsa qabaachuun dirqama dha.

Siin garuu si taajjabeera. Deddeebitee obsa dhabdeetta. Yeroo hedduu garaa dhiphatteetta. Garaa dhiphachuu kee irraa kan ka'e waan gurguddaa dhabdeetta. Toomaas A. Ediisen hojii tokkotti milkaa'uuf yeroo 10,000 yaale jedhee amma sitti himeera, yaadadhu, ati garuu yeroo lama sadiiyyuu hin yaaltu. Al tokko hojjetta. Yoo kufte ciniiinnatee lammaffaa yaalta. Sana booda carraa kee, namoota, akkasumas uumaa kee komachaa dhiiftee deemta.

Galgala tokko maal jettee akka gumgumte yaadadhu. Mee yaadadhu. Karoora pirojektii *(proposal)* barreessite. Hojii guddaa tokko ittiin hojjechuuf maallaqa guddaa heyyamsiifatte. Dhaabbanni siif heyyame sun waajjira mootummaa keessaa hojjechaa turterraa xalayaa deggersaa barreeffadhuu kottuutii maallaqa fudhadhu siin jedhe.

Bara jireenya kee maallaqa ati argattee hin beekne ture. Eessatti beektaa? Ati hiyyeessa. Maallaqa hin beektu, ammoo maallaqni si hin beeku. Kanaafuu, maallaqa hamma sana ga'u

sochoosuu danda'uu keef gammaddee waan taatu wallaalte. Akka waan dandeettii mataa keen argattee of jajje. "*Yes! I did it!" (Nan hojjedhe!)* jette—afaan warra bishaan gamaan. Gammachuu irraa kan ka'e dacheen hammas bal'attu kun sitti dhiphatte. Qophii barbaachisu hunda xumurte.

Gammachuun guyyaa sanaa hin irraanfatamu. Edaa baay'ee yoo gammadan akka sana ta'u! Guyyaan isaa Kamisa ture. Xalayaan deggersaa guyyaa sana siif xumuramuu qaba. Jimaata akka siif hin hojjetamne dhaabbanni maallaqa siif kennuuf ture gaaf sana dhimma gargaarsaa irratti hin hojjetu. Sambanni immoo guyyaa itti namoota waliin deemtee hojii karoorfatte sana raawwattu ture.

Maal godharee?...

Geggeessaan waajjira keetii xalayaa jedhame siif kenne. Ati garuu ariifachuu irraa kan ka'e xalayicha waraqaa waamichaa namootaaf qopheessite waliin bakka saddeetitti kutte. Saffisaan poostaa duwwaa qabattee gara dhaabbata gargaarsaa sana deemte. Achi geessee ilaallaan, poostaa waraqaan keessa hin jirree dha. Fiigichaan gara waajjira keetti deebite. Achi geenyaan geggeessaan waajjiraa hin jiru. Itti aanaan immoo—haala nama gaddisiisuun—xalayaa siif kennuu dide. Chaappaatti sanduqa cufatee utuu ati ilaaltuu ba'ee deeme. Guyyaa sa'atii 10:00 tti sitti dukkanaa'e. Biyyaaf guyyaa dha, siif halkan ta'e. Carraan guddaa sitti fakkaate sun utuu si jalaa gubatuu argite. Ibidda carraa kee si jalaa gube karkarfatte. Si gube!

Fala dhabdee dhiiftee deemte. Akka nama maraatee harka raastee qofaa kee haasa'aa deemsa itti fufte. Geejjibaan konkolaataa keessa seentee bakka itti buutu wallaalte. Konkolaachisaan iddoo ga'uuf ka'e waan ga'eef akka buutu si gaafate. Irraa buuteef. Buutee immoo karaa walakkaa deemuu eegalte. Bitaa fi mirga keen konkolaataatu fiiga. Sagalee akeekkachiisaa (fiinoo) afuufanii dadhabanii sirraa goranii darban. Inni tokko garuu siif gaddee konkolaataa isaa dhaabe. Morma isaa karaa foddaa konkolaataa gad-baafatee akkana siin jedhe:

"*Friend! Abdii tokkollee hin qabdu jechuu dhaa?"*

"Hin qabu! Abdii eessaan fidee? Nama abdii qabun fakkaadhaa?"

"Nama gaddisiisa! Waan hundaafuu, guyyaa tokko siif darba ta'aa utuu qarqara irra deemtee wayya!"

Aariin yeroo sanaa dhukkuba garaachaa sitti fide. Baay'ees dhukkubsatte. Jecha ittiin guyyaa sana uumaa komatte yaadadhu. *"Uumaan eessa deemee? Yeroo namni tokko dabaa hammas ga'u narratti hojjetu maaf callisee ilaalaa? Yaa anaa! Amma ani maal naaf wayyaa? Inni nama hin qabne Waaqa qaba. Inni Waaqa hin qabne nama qaba. Ani lachuu keessaa hin qabu. Yaa anaa…."* hin jennee ati? Hin jennee? Obsi akkanaa? Obsi bor keessatti abdii arganii isa har'aa dhiisuu dha. Aduu bor ba'uuf jirtu yaadanii dukkana har'aa keessatti jabina argachuu dha. Gufuu dukkana keessaan nama rukkutu dhukkuba isaa obsuu dha.

Lubbuu koo!.....

Kitaaba Waaqaa irraa maal baranne? Yesuus Kiristoos yeroo namoonni isa arrabsan, reeban, itti tufanii fi fannisanii ajjeesan ni callise. Deebii hin laanneef. Fannoo irra taa'ee warra isa fannisaniif kadhate: "*Yaa abbaa waan gochaa jiran hin beekanii isaaniif dhiisi"* jedhe. Garuu maaliif? Maaliif isaan hin abaarre? Maaliif humna waaqummaa isaa fayyadamee diinota isaa du'aan hin adabnee? Maaliif gatii gatii isaanii hin laanneef? Maaliif jettee yaadda? Kabaja guddaa du'a garasitti isa eegu yaadee wanta guyyaa sana isa mudate obse. Malee dhukkubsachuu dhabee miti? Nama muka irratti fannifame caalaa eenyutu dhukkubsataa? Harka mismaarri mukatti hodhe caalaa harka kamtu dhukkubsataa? Miilla mukatti hodhamee dhiiga cobsu caalaa maaltu dhukkubsatan jedheem? Cinaacha eeboon waraanamee dhiigni keessaa dhangala'u caalaa mee maaltu haa dhukkubsatuu? Kiristoos garuu sana hundumaa obse. Cal jedhe! Obsi dhugaan kana dha.

Lubbuu koo!...

Atoo? Madaallii obsaa irratti yommuu madaalamtu akkam? Atuu beekta. Nama si arrabseef achumatti gatii isaa kennitaaf. Tokko isa si arrabse atimmoo shan arrabsita. Nama dabaa sitti yaade dabaa itti yaadda.

Hin dagatin! Karaan milkaa'inatti geessu qoraattiin kan guutamee dha. Waraanamaa, qoraattii ofittii buqqisaa, aadaa, okkolaa deemta malee siif mijatee, kophee baay'ee namatti

tolu miilatti godhattee, bashannanaa fi kolfaa kan irra deemtu miti. Ni kufta, ni kaata, ni kufta, ni kaata—kun qajeelfama milkaa'inaati. *"Namni madaa kufaatii hin obsine deemsa milkaa'inaa hin eegalin"* kan jedhan sun kanaaf.

Wanta meeqa jalqabdee obsa dhabuun gidduutti kuttee dhiifte? Sana gochuu keen humnaa fi yeroo kee hammam qisaasessite? Eessa ga'uuf isa turte hankaaktee? Waan meeqatu si darbee?

Barreessaa guddaa ajaa'ibsiifattu Naappooliyoon Hiil irraa maal barattee? Kitaaba isaa *Think and Grow rich* jedhamu keessatti namichi kun maal sitti himee? Seenaa Darbii fi eessuma isaa yaadadhu. Koloraadoo keessaa warqee qotanii baasuuf maallaqa firoota irraa liqeeffatanii meeshaa barbaachisu bitatanii lafa qotuu eegalan. Warqeen baay'inaan naannicha akka jiru mallattoo argan, argachuu garuu hin dandeenye. Qotanii dadhaban. Dhuma irratti obsa dhabuu irraa kan ka'e yaalii isaanii addaan kutuuf wal mari'atan. Mari'atanii murteessan. Meeshaa warqee ittiin qotan kan doolaara Amerikaa hedduun bitame sana gatii baay'ee xiqqoodhaan namicha tokkotti gurguranii deeman. Namichi meeshaa irraa bitate sun garuu abshaala ture. Ogeessa oguma sanaa qabu (Injiinara) waamee akka isaaf ilaalu gaafate. Ogeessichi akka baratetti herrega muraasa erga hojjetee booda warqeen bakka Darbiinfaa qonnaa sana dhaaban irraa kophee sadii qofa fagaatee akka argamu mirkaneesse.

Argitee? Namni obsa hin qabne qotee qotee tarkaanfii sadiif jedhee warqee dhaba. Itti fuftee qotuuf obsa dhabuu kee irraa

kan ka'e warqee hammamtu si darbee laata? Darbiin umurii isaa yeroo dheeraaf gatii namoota irraa liqeeffatame sana kaffalaa jiraate. Namichi meeshaa bitate garuu miliyoonara ta'uun dureessota biyyaa keessaa tokko ta'uu danda'eera.

Naaf ta'a jettee waan itti amantu tokkotti obsa hin dhabiin. Nama mari'attees addaan hin kutiin. Kun yoo ta'uu dide sanatu ta'a. Sun yoo ta'uu dide isa kaantu ta'a. Har'a yoo milkaa'uu baatte bor milkoofta. Bor milkaa'uudhaa yoo baatte iftaan milkoofta. Barana mo'achuu yoo baatte bara itti aanu mo'atta. Wanti ani siif mirkaneessuu barbaadu tokko jira, hamma abdii hin kutannetti, hamma itti fuftee yaaltetti mo'achuun kee hin oolu.

Dubbii Maartiin Luuter Kiing Jr, tokko siif himeen dhaamsa koo har'aa gudunfa. *"Yoo barrisuu dadhabde fiigi. Yoo fiiguu dadhabde dafii deemi. Yoo daftee deemuu dadhabde tiradhu. Yoo tirachuu dadhabde daa'imi. Yoo daa'imuu dadhabde foqoqi. Akka feetetti socho'i; hin dhaabatin duwwaa!"*

....5....

Namoota waliin nagaadhaan jiraadhu

Haa tolus haa badus mijatus hammaatus
Waan gaarii siif godhus gaarii gochuu baatus
Hiixatee siif kennus didee si dhowwatus
Garaan 'saa siif laafus homaa sitti jabaatus
Dhala namaa wajjin jiraachuun dirqama
Qofaa kee hin jiraattu dandeessee matumaa
Takkaa si madeessee booddee si fayyisa
Al tokko si aarsee simmoo gammachiisa
Quuqama kee aadaa waraansa kee obsaa
Wajjinin jiraatta si'uma barbaachisa
Addunyaan qofaa kee deemtee irra jiraattu
Kanaan dura hin turre sichis hin argattu
Kanaafuu lubbuu koo mee malan siif mala
Namaaf iddoo kenni waan hundumaa caalaa
Xinnaafis guddaafis qabaadhu jaalala
...kanatu siif fala!

Hariiroo namoota wajjin qabdu ilaalchisee namoota gorsa guddaa irraa argatte keessaa isa hundumaa caalaa si fayyade ni yaadattaa? Akkamitti irraanfatta? Dhugaa dubbachuuf taanaan, namichi sun yaadatamuutu isaaf ta'a. Jireenya kee keessatti gumaacha addaa siif gumaache. Si qajeelche. Maqaa isaa? Del Karniijee!

Jireenya addunyaa kanarraa namoota hedduu waliin qooddatta. Addunyaan iddoo qofaa ofii jiraatan utuu hin taane, obdii keessatti jireenya waliin qooddatanii dha. Namni bineensa hariiroo hawaasummaa uumee jiraachuuf uumamee dha. Kanaafuu, jaallattus jibbitus jireenya kee keessaa nama dhabuu hin dandeessu.

Mee ilaali. Bitaa fi mirga kee, dhi'oo fi fagoo, asii fi achi sirriitti ilaali. Abbaan kee nama. Harmeen kees nama. Obboleessi kee nama. Obboleettiin kees nama. Hiriyyoonni kee dhiiraa nama. Hiriyyoonni kee durbaas nama dha. Haati manaa kee nama. Ollaan kee nama dha. Gara fuula duraatti—yoo Waaqayyo jedhe—warri ati godhattu ijoolleen kees namoota dha.

Pilaaneta qofaa kan namni irra hin jirre hin argattu. Hammamuu yoo si miidhe, hammamuu yoo sitti darbe, hammamuu yoo dabarsee si kenne, hammamuu yoo si rakkise....namattii adda baatee hin jiraattu.

Lubbuu koo!...

"Yoo dandeessan namoota hundumaa wajjin nagaatti jiraachuuf yaalaa" isa jedhu qajeelfama Macaafa Qulqulluuf iddoo guddaa kenni. Dubbii kana akka salphaatti hin ilaalin. Namoota hundumaa wajjin nagaatti jiraachuun hammam akka ulfaatu namni hunduu beeka—namni hundi namoota wajjin jiraata waan ta'eef. Ulfaatus, garuu ni danda'ama. "Akkamitti?" jettee gaafachuun mirga keeti. Akka akka amala isaatti isaaf deebisuudhaan.

Hariiroo namoota waliin qabdu wantota ulfaataa taasisan keessaa tokko garaa garummaa uumaan ittiin namoota uumee dha. Yeroo ani dhaamsa kana siif barreessu kana baay'inni namoota addunyaa irra jiranii lakkoofsaan biliyoona 7 ta'uun beekameera. Namoonni kun hundi eenyummaa mataa isaanii qabu. Namoonni lakkuu dhalatan tarii wal-fakkaachuu danda'u. Garuu raawwatanii tokko ta'uu hin danda'an. Sana jechuun namoota karaa hundumaa adda adda ta'an biliyoona 7 guutuutu jiru jechuu dha. Amala mataa mataa isaanii qabu. Eenyummaan isaaniis kophaatti.

Isa inni tokko jaallatu isa tokkotu jibba. Isa inni tokko hawwu inni tokko ni baqata. Fedhiin namoota hundumaa adda dha. Kun hariiroo namoota wajjin qabdu ulfaataa taasisa.

Yoo qalbeeffatte Deel Kaarniijee waan guddaa si gorseera. Kitaaba isaa *How to Win Friends and Influence People* jedhamu keessatti wanti inni sitti hime kallattii si argisiisuuf ga'aa dha. Macaafa Qulqulluutti aanee jechuu kooti. Mee yaadota namichi siif dhaame gabaabseen siif gudunfa:

Qajeelfama # 1: Damma yoo barbaadde, gaagura isaa hin dhiitin.

Hamma nama wajjin jiraattutti qajeelfama si gargaaru—qajeelfama guddaa dha kun. Argitee? Yeroo baay'ee namoonni damma isaa malee gaagura hin argan. Gaagura malee garuu damma argachuun hin danda'amu.

Namni nama ta'ee addunyaa irratti uumamuu isaa qofaaf kabajamuutu isaaf ta'a. Nama akkamiiyyuu haa ta'u, umurii akkamii irra haa jiraatu, sadarkaan barnootaa isaa hammamuu haa ta'u, qabeenyaanis waan fedhe haa ta'u, bifni isaa waan fedhe haa ta'u, nama ta'ee hamma dhalatetti ulfina qaba. Kabaja haala irratti hin hundoofne. Maaliif yoo jedhame, harka Waaqayyoon waan uumameef, ogummaan Waaqayyoo inni ajaa'ibiisaan ittiin mul'ateera.

Namoonni baay'een qajeelfama kana hubachuu waan dadhabaniif si rakkisu. Hojii ati hojjettu ni jaallatu, siif garuu homaa iddoo hin qaban. Waamanii si ergatu, gatiin dadhabbii kee garuu sammuu isaanii keessa hin dhufu. Waan ofii barbaadan sirraa argachuuf baay'ee jarjaru, waan si barbaachisu garuu quba hin qaban. Maal akka ati isaan gargaaruu dandeessu yaadu, maal si gargaaruu akka yaadan garuu hin yaadan.

Akka carraa ta'ee ijoollummaa keetii eegaltee rakkoo akkanaa qabda. Kanaafiim waan hedduu hojjettee akka waan waa hin hojjennee kan taate. Halkanii fi guyyaa itti dadhabdee waan ati hojjette iji siif argu dhabamee kunoo

akka mataa gad-qabattetti jirta. Hedduun si ergatee si ergatee dugda qullaa si oofe!

Yeroo tokko tokko namni kan awwaalamu du'ee qofa miti. Namni utuu lubbuun jiruu awwaalamu jira. Namoota hedduun marfamee utuu jiruu ija isa argu tokko kan hin qabne. Namoota bu'aa mataa isaaniif isa barbaadan hedduu qabaatee, namoota isa gargaaruuf isa waaman argachuuf kan hin milkoofne. Harka waa irraa fudhachuuf itti hiixatu baay'ee qabaatee, harka waa isaaf kennuuf itti hiixamu dheebotee ijaan argaafuu kan dhabu. Namoonni akkanaa, namootaan marfamanii miira qofummaan dhiphatan meeqa ta'u? Shakkii malee hedduu dha.

Ija si argu dhabdus, iji kee garuu namoota hedduu haa argu. Namoota bu'aaf sitti dhi'aataniin marfamtee namoota si gargaaruuf yaadan dhabdus, ati immoo jaalala bu'aa irratti hin hundoofneen namootatti dhi'aadhu. "Abalu maal na gargaaruu danda'a?" jettee yaaduu mannaa, "Abaluun maalan gargaaruu danda'aa?" jedhii yaadi. Bu'aa mataa keetii kan namootaa hin dursiisiin. Hojiin kee dhokatee, hamma uumaan awwaala kee diigee si baasutti, namoota akka kee awwaalamanii jiran jajjabeessi. Nama hin qabduu namaaf nama ta'i!

Qajeelfama # 2: Namoota hin komatiin

Hamma lafarra jiraattutti namoota komachuu irraa of eeggadhu. Namoonni hadheeffamuu hin jaallatan. Kallattiidhaan komachuu utuu hin taane, suuta jedhii

balleessaa isaanii itti argisiisi. Yaada sammuu kee keessa jiru ittiin ibsachuuf jechoota gaggaarii filadhu. Amma fakkeenyaaf mee himoota armaan gadii ilaali:

a. Kitaaba koo fudhattee deemuu keef balleessiteetta.
b. Utuu kitaaba koo hin fuune ta'ee gaarii ture.

Himoonni kun yaadota wal fakkaatan qabu. Garuu akkaataa addaatiin ibsaman. Himni ***b*** irra jiru ilmaan namootaaf mijataa dha.

Uumamaan namoonni komatamuu qofaa miti kan isaan jibban, ajaja fudhachuus hin fedhan. Eenyuunuu hin ajajin. Namni nama akkasumaanii irraa haa turuu itti gaafatamaa isaa irraayyuu ajaja fudhachuu hin barbaadu. "Kana hojjedhu, sana hojjedhu" hin jedhiin. "Kana utuu hojjettee, sana utuu hojjettee..." jedhi. Kun balaa guddaa irraa si eega— namootaan wal dhabuu irraa. Namoota ajajjee si sodaatanii akka siif abboomaman gochuu dandeessa ta'a. Haala kanaan akka si jaallatan garuu taasisuu hin dandeessu. Hin yaalin, hin dandeessuu.

Balleessaa namoonni sitti balleessaniif ariifattee murtii hin fudhatin. Maaliif akka inni sitti balleesse beeki. Dadhabbii isaaniif namoota hubadhu. Yeroo hedduu namoonni rakkatanii si yakku malee ta'e jedhanii si miidhuuf sitti hin balleessan. Kana jechuun garuu namoonni itti yaadanii akka ati miidhamtuuf si yakkan hin jiran jechuu miti. Isa atuu bay'ee beekta. Siifan dhiisa.

Qajeelfama # 3: Namoota hundumaaf yaada gaarii qabaadhu

Kun akka sitti cimu beeka. Nama akka kee namoota hedduu harkatti miidhame, namoota hedduun gurgurame, namoota hedduun dabaan gurguddaan irratti raawwatameef qajeelfama kana kennuun madaa dhukkubu irratti madaa dabaluu ta'a. Garuu waan gaarii yaadiif.

Namni ati dhadhaa afaan keesse dhagaa siif hiixata. Namni ati sabbata godhattee mudhiitti hidhatte bofa ta'ee si idda ta'a. Namni ati humna kee hundumaan gargaartee sadarkaa tokko irraan geesse deebi'ee diina sitti ta'a ta'a. Namni ati yaabbannoo guddinaa qabdeefii ol baasuuf dhaabattu boolla utuu siif qotuu argita ta'a. Namni ati nadhii jaalalaa obaafte summii ittiin duutu siif dhi'eessa ta'a. Harki ati qabdee lafaa kaaste si kuffisuuf si darbata ta'a. Ati garuu ittuma didii waan gaarii yaadiif. Eyyee, wanta gaarii qofaa yaadiif.

Namootaaf wanta gaarii yaaduuf, yaada si gargaaru tokko siifan hima. Dabaa inni sirratti hojjete utuu hin taane, gaarummaa inni siif oolee beeku yaadadhu. Namni yeroo 99 hammeenya si irratti hojjete, wanta gaarii siif hojjete tokkommoo hin dhabu. Hammamuu yoo hammaate namni ni xiqqaata malee waan ba'eessa ni qabaata. Kanaafuu, yeroo namni hiixatee si waraanu harka isaa isa gaaf tokko hiixatee si obaasuun dheebuu si baase yaadi. Yoo akkana taasifte namoota waliin nagaatti jiraachuun hamma tokko siif salphata.

Hariiroo namoota waliin qabdu wantota balaaf saaxilan keessaa inni guddaan mudaa isaanii dabarsitee odeessuu dha. Yoo dadhabbii namaa argite namicha waamii itti argisiisi. Tokko lamaan itti himi. Yoo siif mijate balleessaa inni balleesseef adabi. Garuu dabarsitee namootatti hin dubbatiin. Furmaata yoo dhabde qofa dhoksaadhaan nama isatti dhi'aatutti himi. Kanaan ala garuu hir'ina namaa baastee hin dubbatiin.

Qajeelfama # 4 Icciitii namootaa eegiif.

Namoonni yeroo hundumaa hariiroo si wajjin qabaatan keessatti icciitii isaanii akka isaaniif eegdu barbaadu. Dhoksaa isaanii baasanii kan sitti himatanis akka ati dabarsitee namootatti hin himne yoo si amanatan qofaa dha. Amanamaa yoo taate namoonni si amanu.

Wanta Dilgaasaan yeroo darbe si irratti hojjete yaadadhu. "Nama tokkotti hin himiin" jettee icciitii dhuunfaakeetii hedduu itti himatte. Akka dabarsee hin dubbanne waadaa siif seenee dubbii si harkaa sassaabe. Si dhaggeeffate. Itti odeeffatte. Waan garaa kee keessa jiru tokko lamaan ibsiteef.

Inni garuu, siif hin amanamne. "Namatti hin himinaa" jedhee namootatti siif hime. Dhoksaan kee ba'ee bakkee guute. Garaan kee akka malee gadde. Dilgaasaan ijaan argaaf si jibbisiise. Yihudaa isa gooftaa isaa meetii 30 tti gurgurate sitti fakkaate. "Muu! Na gurgurtee gurgurami!" jettee abaarte.

Madaa Dilgaasaan si madeesse irraa waa baradhu. Maal? Atis icciitii namootaa baaftee yeroo haasoftu hammuma kana nama dhukkubsita. Eenyuyyuu amanee waa sitti hin dubbatu.Kun immoo jireenya hawaasummaa keessatti miidhama guddaa qaba.

Icciitii eeguun qulqullina (*quality)* jireenyaa ati ittiin beekamtu siif haa ta'u. Namoonni yeroo waa'ee kee yaadan amaloota kee keessaa kan sammuu isaanii keessa dhufu icciitii eeguu kee utuu ta'ee akkam na gammachiisaa? Yoos namoonni odeeffannoo sitti himaniif hin sodaatan. Shakkiinis itti hin dhaga'amu.

Qajeelfama # 5 Namoota wal hin caalchisiin

Jireenya keessatti namoota naannoo kee jiran akka wal caalchiftu wantonni si qoran jiraachuu malu. Fakkeenyaaf, haala namni tokko keessa jiru iddoo ati isaaf kennitu irratti yeroo itti dhiibbaa taasisu jiraachuu danda'a. Inni tokko dureessa beekamaa dha, kaanimmoo hiyyeessa dha. Jara kana lachuu akka wal caalchiftu wanti si taasisuu danda'u dinagdee isaaniiti. Garuu hin dogoggoriin. Namni namuma.

Eyyee, dhalli namaa wal qixa dha. Uumaan yeroo addunyaa irratti nu uume wal qixa taasiseetu. Hundi keenya mucaa taanee yeroo dhalanne waan wal caallu hin qabnu turre. Namni uffata gatii guddaa baasu uffatee dhalate hin jiru. Hundi keenya qullaa keenya dhalanne. Namni maallaqa qabatee dhalate hin jiru. Hundi keenya harka duwwaa dhalanne. Nu keessaa namni baratee digirii tokko qabatee

dhalate hin turre. Hundi keenya dhalannee booda baranne. Eyyee, nu keessaa namni afaan beekee ittiin dubbachaa dhalate hin jiru. Hundi keenya afaan kamiyyuu—afaan itti dhalanne dabalatee—dhalannee booda baranne. Darbee darbee daa'imman muraasa malee, hundi keenya ilkaan hin qabnu turre. Hundi keenya haaluma wal fakkaatuun dhalanne. Nuti wal-qixa.

Dhalannee booda wanti nuti taane naannoo keenyaan murtaa'e. Tarii bakka haalli hin mijannetti dhalanne ta'a. Sanarraa kan ka'e sadarkaan milkooma keenyaa wal caaluu danda'a. Sun garuu akka namaatti kabaja nuti qabaachuu qabnu nu jalaa tuquu hin qabu. Namni hundi wal qixa jettee yoo amante ofii kees balaa of tuulummaa irraa oolta.

Ani nama hin caalu kan jettu yoo ta'e of tuulummaadhaan hin qoramtu. Gad of qabdee namoota waliin jiraatta. Of tuulummaan Waaqayyo birattis namoota birattis jibbamaa dha. Macaafni guddichi, of tuulummaan kufaatii dura akka deemtu nu barsiisa. Seexanni Mootummaa Waaqaa keessaa kan gad darbatame of tuuluu isaatiin ture. Mootiin Baabiloon—Naabuukednaazaar—of tuulummaa isaa irraa kan ka'e waggoota torbaaf lagatti galee marga nyaateera.

Of hin tuulin. Of tuulummaa jalaa ooluuf yeroo hundumaa qabxiilee gurguddoo lama fayyadami:

a. Ani nama hin caalu ilaalcha jedhu qabaadhu. Addunyaa kanarraa ati eenyuunuu hin caaltu. Namoota muraasa caalaa beekuu dandeessa, caalaa barachuu dandeessa, caalaa

duroomuu dandeessa...kun garuu namoota si hin caalchisu. Wanta qabdu hundumaan namoota akka tajaajiltuuf siif kenne malee uumaan ittiin akka of tuultuuf siif hin laanne. Gama biraanimmoo addunyaa kanarraa ati eenyuunuu gad miti. Nama caaltu hin qabdu, namni si caalus hin jiru. Kun ilaalcha fayya qabeessa dha.

b. Eessaa akka kaate hin irraanfatiin. Namoonni akka salphaatti of tuulummaaf akka saaxilaman kan taasisu inni guddaan bakka amma jiran malee bakka kanaan dura turan yaadachuu dadhabuu isaaniiti. Eessaa akka ka'an yoo hin yaadne, eessa akka jiran hubachuun ni rakkisa. Hin irraanfatiin. Akka mucaa baadiyyaatti haalota hin mijanne keessatti akka guddatte; ibsaa elektirikaa dhabdee kurraaziin qo'achaa akka guddatte, yeroo meeqa dhukkuba du'aan nama ga'uun dhukkubsattee qarqara boollaatii akka deebite...hin irraanfatiin.

Namni hundi wal-qixa dha. Kana hin dagatiin.

Hariiroo namaa malee jiraachuu akka hin dandeenye ergan siif himee, qajeelfamoonni ani armaan olitti siif kenne shanan furtuu hariiroo ati namoota waliin qabduuti. Guyyaa hundumaa furtuuwwan kanatti fayyadami. Lafa keessee manaa hin ba'iin. Haalaan isaanitti fayyadamuu yoo dandeesse, akka itti milkooftu hin shakku. Nan beeka, nan amanas. Ilaali. Irratti hojjedhuutii akkam akka ta'u ilaali.

...6...

Maaltu sitti argamaa?

Gaaffii tokkon qaba kanan si gaafadhu
Deebisi lubbuu koo sirriitti hubadhuu
Addunyaa kanarratti dhuftee erga dhalattee
Ilma obbo abaluu jedhamtee waamamtee
Nama taatee jireenya eegaltee
Nyaattee dhugdee uffattee
As geesseetta kunoo umurii lakkooftee
Anoo gaaffiin qaba kan garaa na nyaatu
Maal hojjechuuf dhufte maali wanti hojjettu?
Abjuu attamii qabda maali wanti argitu?
Mul'anni kee maali waan ati raawwattu?
Dhalootaaf waan ta'u of harkaa maal qabdaa?
Kaayyoon jireenya kee yaadi kee maali dha?
Gara addunyaa kanaa maal qabattee dhuftee?
Naaf himi lubbuu koo na hin laaliin callistee
Fedhii kee bu'uraa guuttachuun gamatti
Dulloomuu fi du'uu awwaalamuun achitti

Seenaan kan yaadatu maal hojjechuuf jirta?

Maal argita maaltu sitti mul'ata?

...nama akkamii taata?

Gootni bilisummaa Afrikaa Kibbaa—Niilsen Maandeellaan—mucaa intalaa isaa Zenaanii jedhee moggaaseera. Sana jechuun, "Addunyaa kanaaf maal fiddee dhuftee?" jechuu dha. Dhugaa qaba! Intalli isaa waan addunyaa kana gargaaru maal qabattee akka dhufte beekuu barbaada. Nama akkamii ta'uuf jirti? Akka abbaa ishee qabsoo bilisummaa finiinsitee ga'ee siyaasaa isheerraa eegamu ba'attee darbitimoo nama akkasumaanii ta'uuf jirti? Nama seenaa hojjettumoo, nama seenaa barreessitumoo nama seenaan quba hin qabne taati? Nama addunyaan kun hamma jiraattutti yaadattumoo biliyoonota galmeen seenaa hin beekne keessaa tokko taatee darbiti? Mee nama akkamii taatee darbiti? Dhalattee, barattee hojii salphaa tokko qabattee, heerumtee, ijoollee hortee, ijoollee ishee guddifattee qofa duutimoo—sana garasitti nama lammii fayyadu taati? Kana kanatu sammuu isaa keessa ture abbaan ishee Maandeellaan Zenaanii jedhee yeroo maqaa ishee moggaasu.

Atihoo? Maal qabattee gara addunyaa kanaa dhuftee? Wanti uumaan ergama taasisee si keessa kaa'e maaltu jiraa? Dhaloonni ati keessa jiraattu maal sirraa fayyadamaa? Eenyu

ta'uuf dhalattee? Maal ta'uu barbaaddaa? Mul'ata akkamii qabdaa?

Iji ilaalu baay'ee dha, iji argu muraasa jedhama. Iji kee ni ilaalamoo ni argaa? Nama xiqqoo taatee, jireenya xiqqoo jiraattee, hojii xiqqoo hojjettee, maatii xiqqoo horattee, du'a duutee, awwaala xiqqoo keessatti awwaalamtamoo, sana garasitti waa argaa jirtaa? Oromoof ergama maal qabdaa? Saba Afrikaaf waan dhimma baasu maal karoorsitee? Addunyaan maal sirraa eeggataa? Maal maal yaadde? Maaltu sirka jiraa?

Hammam fageessitee argitaa? Fedhiiwwan bu'uraa—nyaata, uffataa fi mana—qabaattee itti fayyadamtee darbitamoo waan sanarra caalu argaa jirtaa? Haala siif hin mijanne lakkooftee boo'ichaa fi waakkiidhaan bara kee xumurtamoo qabsooftee ba'aa naannoon sirra kaa'e ofirraa cabsitaa?

Natti himi! Mul'anni kee maali? Maal hojjechuuf dhalattee? Yoo wanta uumaan si keessa kaa'e baastee ittiin hojjechuu baattee ati akka lafa sanyii nyaateeti. Waa malee uumaan si hin ergina. Waa malee jaarraa 21^{ffaa} kana keessa akka dhalattu hin taasifne. Waa malee dhaloota rakkina gurguddaa fi qarooma gurguddaa qabu gidduu akka jiraattuuf si hin ergine.

Maal ta'a amma waggoota hedduu dura utuu dhalatteetta ta'ee? Maal ta'a Dhaloota Kiristoos Dura utuu dhalattee? Bara sana! Bara namoonni jaalala haalaan hin boorofneen wal jaallatan. Bara itti namni akka horii maallaqaan wal hin

gurguranne. Bara namnis akka wal hin ganne kakatee deebisee waan xiqqoof wal hin ganne keessa dhalatteetta utuu ta'ee maal ta'a? Garuu hin taane. Uumaan isa kana siif hin heyyamne.

Bara sirriitti, haala sirrii keessatti, namoota sirrii irraa, sababa sirriif akka dhalatte of amansiisuun sirraa eegama. Ati nama jaarraa 21ffaati. Jaarraan kun jaarraa itti ilmaan namaa qarooma guddaa irra ga'anii dha. Addunyaan waggoota muraasaa asitti jijjiirama kallattii hedduu argisiisteetti. Mee yaadi. Abaabayyuun koo—namni waggoota dhibba muraasa dura jiraachaa ture—carraa ittiin du'aa ka'u argatee utuu ka'ee maal jedhaa? Utuu ka'ee dhufee maal arga laata? Sadarkaa tekinooloojii addunyaan kun irra geesse argee yaada maal kenna laata? Dhugaa dubbachuuf yoo ta'e, addunyaan kun kan inni al tokko irra jiraataa ture itti hin fakkaattu. Amanuun isa rakkisa.

Bara inni jiraate namni miilaan deema. Konkolaataa yeroo argu maal itti fakkaata? Mana deemu! Bara inni jiraate mana citaa—godoo xixiqqoo—keessa jiraatu. Amma garuu gamoowwan gurguddoo hedduu miidhagantu jiru. Isaan argee maal jedhaa laata? Xiyyaara samiirra balali'u argeehoo maal jedha? Allaattii sagalee guddaa qabdu jedha! Waan hundi dabaleera. Wanti hin dabaliin maaltu jiraa?

Wantota gaggaarii qofa miti, hammeenyis akka malee dabaleera. Bara abaabayyuun koo jiraate namni haqaan haqaaf jiraata. Har'a haalli jiru faallaa kanaati. Dhaloonni har'aa dhaloota jireenya haqaa arguuf milkaa'e miti. Guddaan

haqa hin beeku, xiqqaan haqa hin beeku! Inni barate haqa hin beeku, inni hin baranne haqa hin beeku! Aanga'oonni mootummaa haqa hin beekan. Dhugaa dhugaa haasa'uu hin wayyuu? Haqni hin jiru. Namni sammuu qabu utuu jiruu nama fira qabuuf dursa kennu. Akka akka walitti dhi'aatanitti wal gargaaru. Yoo fira dhabde maallaqaan haqa bitta. Kana lachuu keessaa tokko dhabnaan addunyaan jaarraa kanaa kan kee miti. Yokaan fira qabaadhu, yokiin maallaqa hin dhabiin. Yoo lachuu dhabde hin ta'u.

Jaarraa itti addunyaan yaaddoo guddaa keessa jirtu keessa dhalatte...

Hubadhu! Barri akkanaa bara ati itti dhaloota gargaaruuf carraa bal'aa qabaattuu dha. Waan uumaan keessa kee kaa'e fayyadamuudhaan gama keen hamma dandeesse furmaata kennuu dandeessa. Rakkinni yeroo hundumaa hamaa miti. Rakkinnimoo? Yeroo baay'ee gaarummaaf ta'a. Gama tokkoon rakkinni mana barumsaa akkaataa jiruu fi jireenyaa itti baratanii dha. Dhalli namaa saayinsii irraa qofa miti kan baratu. Rakkina guyyaa guyyaatti isa mudatu irraas waan guddaa barata. Kanaaf rakkinni kolleejjii ilmaan namootaati. Gama biraanimmoo rakkinni furmaata barbaaduuf carraa siif kenna. Utuu rakkinni hin jiru ta'e namni maaliif hojjetaa? Hojiinoo hiika maalii qabaa?

Kanaaf addunyaa rakkinni itti baay'atu kana keessatti waan gumaachitu hin dhabdu. Yoo waan hojjettu beekte waan hojjettu hin dhabdu. Oromoon mammaaksa isaa keessatti, "Kan qabu kan darbate dogna hin jedhamu!" jedha. Waan

qabdu darbadhu. Darbachuun duratti garuu waan qabdu—isa harka keerra jiru—addaan baasii beeki. Waan harka keerra jiru beekuun gara itti darbachuu qabdu beekuuf si gargaara.

Gaaffiin ka'uu qabu egaa, "Maaltu sitti argama?" isa jedhuu dha.

Maaltu sitti argamaa? Dhaloota har'aaf maal argaa jirtaa? Hamma ammaatti gufuuwwan mul'ataa namoonni itti rakkatan hamma tokko addaan baaseera. Keessumaa dargaggoonni wanti isaan ittiin muddamanii mul'ata isaaniif abdii kutachuudhaan bakka jiranitti dhaaban muraasa argeera. Atis isaan kanarraa of eeggadhu. Mee gufuuwwan mul'ataa kana akka armaan gadiittan siif ibsa:

Gufuu # 1: Maallaqni hin jiru yoo ta'e mul'anni gatii hin qabu ilaalcha jedhu.

Ilaalchi dogoggoraa kun mul'ata namoota meeqaa karaatti akka jalaa hambise sitti himuu hin danda'u. Namoonni mul'ata gurguddaa isaan keessa jiru dhiisanii maallaqa mul'aticha ittiin raawwatan yaadu. Waaqni mul'ata kenne maallaqa akka hin dhabne hin beekan. Joon Muler ijoollee abbaa fi haadha hin qabne keessatti guddisuuf gamoo ajaa'ibsiisaa sana biyya Ingiliziitti hojjechuuf tokko jedhee yeroo lafa qotuu eegale maallaqni inni giiphii keessaa qabu paawundii muraasa ture. Yeroo inni hojicha eegale namoonni ka'umsaaf maallaqa hammam akka inni qabu gaafataniiru. Giiphii isaa keessaa saantimoota muraasa qofa baasee itti argisiisee akkana jedhe, "Ani kana qofan qaba! Kan kana

caalu garuu qabeenya guddaa tokko qaba. Qabeenyan abdadhee hojii kana eegale waan guddaa tokkon qaba. Innis amantii dha! Waaqni akka ani ijoollee rakkatoo guddisu mul'ata na keessa kaa'e maallaqa akka na hin dhowwanne nan amana!"

Atis Waaqayyoon isa mul'ata siif kenne amanuu maaliif dadhabdaa? Dhukkubsattee mana yaalaa deemtee dokterri qoricha yoo siif kenne akka fayyitu ni amanta. Waaqayyoonhoo maaliif amanuu dadhabdaa? Namni waa qabu tokko maallaqaan akka si gargaaru yoo waadaa siif seene ni amanta. Waaqa akka hin amanneef sababni kee maaliree? Manni ati keessa jiraattu guyyaa tokko kufee akka si ajjeesu hin shakkitu, ni amanta. Mana harki namaa ijaare hamma kana erga amantee Waaqa isa hundumaa caalu maaliif hin amanturee?

Dhugaan ati hubachuu qabdu inni guddaan mul'anni maallaqaan alas hojjetamuu danda'uu isaati. Maallaqni dhibuun mul'ata namaa karaatti hin hambisu—yoo ati akka inni hambisu amante malee.

Mee amani. Kaayyoodhaan gara addunyaa kanaa kan si fide uumaan mul'ata keefis kaayyoo qaba. Kaayyoodhaan waan si uumeef jireenya kaayyoo qabu akka ati jiraattu barbaada. Guyyaa dhufee darbu hundumaa kaayyoodhaan akka dabarsitu barbaada. Kaayyoodhaan jiraachuuf immoo sababaa fi bu'aa yaaduu utuu hin taane, amantiitu si barbaachisa. Barreessaa beekamaan sun maal jedhee? *"Inni mul'ata kenne*

qabeenya ittiin mul'anni galma ga'u hin dhabu!" Dhugaadhaam! Hin dhabu!

Gufuu # 2: Mul'ata koo danda'ee galmaan hin ga'u ilaalcha jedhu

Dhageessaa? Ilaalchi kun bara jireenya kee guutuu dhiibbaa guddaa sirratti qaba. Balaa guddaa dha—kun. Akka sabaatti yoo ilaalle, haalli siyaasaa jaarraa tokkoo oliif keessa turre ofitti amanamummaa keenya kan qoruu fi akka ija hin jabaanne kan nu taasisuu dha. Keessumaa wanti hamma malee nama gaddisiisu hamileen dargaggoota keenyaa du'aa ta'uu isaati. Dargaggoonni miliyoonatti lakkaa'aman of tuffachuu irraa kan ka'e jireenya waa'ummaa jiraatu. Of tuffachuun kaka'umsa ofii nama keessatti ajjeesa. Kaka'umsi jiraachuudhaa yoo baatemmoo namni danda'ee hojii hin hojjetu. Dargaggoonni keenyas hiree hawaasa isaanii harka isaaniitti baatanii akka rafan kan isaan taasise kanuma dha.

Uumaan kee gaafa mul'ata keessa kee kaa'e humna ati qabdu hin wallaalle. Eenyummaa fi amala kee, kutannoo kees ni beeka. Har'a haalli ati keessa jirtu jireenya kee borii akka hin murteessines beeka. Har'i guyyaa biraa dha, borimmoo kan biraa. Tokkoon tokkoon guyyaa dhufee darbuu haaraa dha. Waan qabatee dhufu gumaacha mataa isaa qaba. Namoonni haala isaanii har'aan borii isaanii madaalan namoota sammuun isaanii dukkanaa'aa dha.

"Animoo?" hin jedhiin. Seen-duubee kee ilaaltee madaallii kee hin xiqqeessin. Gatiin ati ofiif kennitu—hamma of-

tuulummaa hin taanetti—haa guddatu. Nama akkana akkanaa ta'ee utuun jiruu, umuriin koo akkana ta'ee utuu jiruu, dinagdeen koo akkana ta'ee utuu jiruu, sadarkaan barumsaa koo akkana ta'ee utuu jiruu....jettee mudaa baay'ee of irratti lakkaa'uudhaan mul'ata kee hin awwaalin. Utuu sadarkaa barnootaatu murteessa ta'ee, silaa Ediisen namni ji'oota sadii qofa barate argannoowwan gurguddoo hin abuuru; silaa namni barumsa sadarkaa 1ffaa hin xumurin Henerii Foord yeroo jalqabaaf konkolaataa hin kalaqu ture, silaa namni barnoota kutaa muraasaa qofa barate Abrahaam Liinken geggeessitoota lafti Amerikaa baafte warra ol-aanoo keessaa tokko hin ta'u ture.

Fira dhabuuf of hin tuffatin. Nama dhabuun addunyaa har'aa keessatti baay'ee akka nama miidhu nan beeka. Garuu namni ulee shombooqqooti—utuu hin beekin si jalaa caba. Nama dhabuu keef bakka uumaan siif heyyame hin hankaaktu. Karaarra bubbulta ta'a, daftee ga'uu dadhabda ta'a....garuu inuma geessa. Maaltu beeka? Addunyaa kanarratti harki namaa jireenya kee keessaa ga'ee akka dhabu kan taasise Rabbi sababa mataa isaa qaba. Namni guyyaa tokko waan xiqqoo siif oolee waggaa meeqa haasa'a. Guyyaa ati iddoo guddaa geessu, "Utuu ani hin jiraannee silaa achi hin ga'u ture!" jedha. Uumaan kee galata isaa namoota waliin qooddachuu waan hin barbaanneef qofaa isaa si gargaaruu barbaada. Qofaa isaa gama kee dhaabbatee si tumsuun mul'ata kee galmaan siif ga'uu barbaada. Qofaa isaa isa si jalqabsiise qofaa isaa si xumursiisuu fedha ta'a. Kanaafuu, karaa kee irraa yeroo namoota dhabdu dalga sitti hin galin.

Namoonni ati guyyaa rakkinaaf akka siif ta'an abdatte haala nama suukaneessuun yeroo dugda sitti gatan, sun waan haaraa ta'ee sammuu si hin dhukkubsiin. Jaallatanii miti, waaqatu akkas akka ta'u barbaada.

Sababoota adda addaa lakkooftee of tuffachuudhaan mul'ata kee hin ajjeesin. Hamileen kee jabaa haa ta'u. Hubadhu! Du'a dhugaa kan duutu gaafa onneen kee dha'annaa ishee dhaabdu miti, guyyaa itti dhiigni kee dhagna kee keessa naanna'uu dhaabu miti, guyyaa itti sombi kee qilleensa ol-fudhachuu fi gad-baasuu dhaabu miti, guyyaa itti biyyi siif boo'ee sanduuqa awwaalaa keessa si kaa'u miti, guyyaa itti boolla biratti seenaa jireenya kee gabaabaatti dubbisanii....boollicha keessa si kaa'anii dhagaa sirra naquun gara manaatti deebi'anii mulluu nyaatan miti. Guyyaa sana miti kan ati duute! Du'a dhugaa kan duutu guyyaa itti hamileen kee du'ee dha. Hamileen kee yoo du'e, nyaattee dhugdus, nama keessa sochootus, dubbattus...ati du'aa dha. Du'aa socho'u!

Hubadhu! Uumaan waan namni hin dandeenye namaaf hin kennu. Akka dandeessu waan beekuuf siif kenne. Mul'ata kee akka ati fiixaan hin baafne humni qabee si dhaabuu danda'u akka hin jirre siif mirkaneessuun barbaada. Eenyuyyuu karaatti si hambisuu hin danda'u. Garuu namichi tokko ni jira. Dhugaa dha! Addunyaa kanarraa namni qabee si dhaabuu danda'u, namni danqee karaatti si hambisuu danda'u, namni iddoo uumaan siif yaade si hankaaksuu danda'u, namni waa sitti himee abdii si kutachiisuu danda'u, namni akka ati mul'ata kee hin raawwanne si taasisuu

danda'u nama tokko qofatu jira. Namni sodaachuun siif malu, namni ati eeggannoo guddaadhaan qabachuu qabdu nama tokko qofa. Eenyu inni? Si'uma mataa keeti! Namni akka kee si qabee si dhaabuu danda'u addunyaa kanarra hin jiru. Kanaafuu, ofii kee irraa of eeggadhu. Yeroo hundumaa ilaalcha mo'ichaa qabaadhu. Gidiraa gidduudhaa wanti gaariin sitti haa mul'atu. Ni dandeessa. Waan dandeessuuf mul'ata qabaatte.

Gufuu # 3: Gatii guddaa waan na baasisuuf irratti hin hojjedhu jedhanii yaaduu

Raawwii mul'ata keef gufuun guddaan kan biraanimmoo gatii baasuuf kutannoo dhabuu dha. Hammi isaa wal haa caaluyyuu malee hojiin gatii nama hin baasifne hin jiru. Wanti guddaan garuu gatii mul'anni ofii nama gaafatu baasuu sodaatanii harka maratanii taa'uu mannaa, dhuma irratti raawwii mul'atichaa irraa gammachuu argamu yaadanii itti deemuu dha.

Macaafni Qulqulluun maal jedha? Namni yeroo hundumaa qilleensa gaarii eeggatu sanyii hin facaafatiin hafa. Kun dhugaa mitii? Hamma haalli hundi siif mijatutti mul'ata kee irratti hojii eegaluudhaa yoo baatte utuma hin eegaliin duuta. Addunyaan gidiraadhaan guutuu dha. Abboonni keenya gidiraadhaan keessa jiraatanii darban. Nutis akkuma sanatti jiraanna. Rakkinni jiraachuudhaa utuu baatee dhalli namaa hin wixxifatu. Wixxifatee karaa ittiin keessaa ba'u hin barbaaddatu. Guddinni addunyaan kun har'a irra geesse kun bu'aa rakkinaati yoon jedhe na hin amantuu amma ati?

Maaliif? Ka'umsi argannoo haaraa tokkoo yoomiyyuu rakkina dha. Qorannoon tokko qoratamuuf jalqaba rakkinni jiraachuu qaba. Rakkinni ka'umsa furmaata hundumaati.

Kanaafuu, yeroo hundumaa rakkina hin jibbin. Mul'ata kee raawwachuuf adeemsa deemtu keessatti rakkinoonni si mudatan amala kee siif bilcheessu. Barumsa ati kollejjii kamuu seentee hin arganne si barsiisu. Meetiin ibidda keessatti baqfamee booda gatiin kennamaaf. Warqeen qulqullinni isaa kan ittiin beekamu ibiddaan erga gubamee booda dha. Ibiddi gubee balleessuu akkuma danda'u, miyeessuus ni danda'a. Jireenyi ibidda keessa hin darbine qulqulluu miti. Hin miyaa'us. Maarree maaliif ibidda jibbitee booddee deebita? Abbootii mul'ataa ibiddaan qoramanii hin ilaalamiin natti himtaa? Eenyudha rakkinni tokko utuu isa hin mudatin ergama isaa lafarraa kan xumure?

Mee gara Macaafa Qulqulluutti si deebisuu? Kanaan dura waan hedduu akkuman kaase, namoonni Macaafa Qulqulluu hedduun ibidda keessa darbaniiru. Museen waggoota 40 guutuu hoolaa tiksuutu irra ture. Namni guddaan hamma Musee ga'u gad deebi'ee hojii tuffatamaa akkanaa hojjechuun isaa hammam akka nama gaddisiisu ilaali. Isayyuu waggoota 40 guutuu! Iyoob gara waggoota 25 f gidiraa dubbachuun isaayyuu namatti ulfaatu keessa ture. Fayyaa isaa dhabee, qabeenya qabu hunda dhabee, ijoollee isaa dhabee...yeroo dheeraa sana dabarsuun ibidda caala. Daawwit mootii ta'uuf erga dibamee booda akka nama waan guddaa balleessee adamsamee du'aaf barbaadamaa ture.

Mootiin biyya tokkoo nama tokko ajjeesuuf loltoota guuree yommuu isa adamsu yeroon sun Daawwitiif hadha'aa ture. Guyyaa itti ulfaate tokko akkana jedhee ture: *"Anaa fi du'a gidduu taakkuu tokkotu hafe!"* Gooftaan Yesuus yeroo du'a isaa jala dafqa dhiigaa dafqeera. Mul'ata isaa galmaan ga'uuf jecha gatii baasuun isaaf hin malle baaseera. Ilmaan namootaa harkatti gidirfameera, reebameera, itti tufameera, fannifameera, waraanameera, ajjeefameera, awwaalameera. Abbaan isaa garuu du'aa isa kaaseera. Phaawuloos kaayyoo isaaf jedhee gatii gurguddaa baaseera. Yeroo hedduu reebameera, itti murtaa'ee mana hidhaa seeneera, arrabsameera, dooniin inni ittiin galaana irra deemu yeroo meeqa caccabeera, dhuma irrattis morma isaa kenneeraaf. Yohaannis mul'ata isaaf jedhee lafa galaanaan marfame kan namni irra jiraachuu hin dandeenye—Faaximootti—hidhamee gidirfameera. Boba'aa zayitii keessa bu'eera.

Walumaa galatti namni gatii baasuu hin barbaanne abbaa mul'ataa ta'uu hin danda'u. Tarii namoota biraa waliin hiriiree mul'ata isaanii galmaan ga'uuf hojjechuu danda'a. Garbicha mul'ata nama biraa ta'a. Eyyee, sun iddoo isaaf malu isa sirrii dha. Abbaan mul'ataa garuu waa'ee mul'ataa waan guddaa tokko ni beeka. Mul'annii fi gidiraan akka addaan hin baane. Guutummaan guutuutti iddoo rakkinni hin jirre Mootummaa Waaqayyoo isa waaqarraa keessa duwwaa dha.

Ergamni kee ergama dhaloota fayyaduu dha. Gama biraatiin, rakkina sodaattee ergama dhaloota kanaaf qabdu ajjeefte

jechuun dhaloota kana irratti yakka guddaa hojjetteetta jechuu dha. Yakka kanaafimmoo qaamni si gaafatu tokko jira. Guyyaa tokko gaafatamuuf akka jirtu hin dagatiin. Uumaan inni ergama siif kennee dhaloota lafarra jiraachaa jiru kanatti si erge guyyaa tokko raawwii ergama keetii ni madaala. Madaalamtee yoo kufte, itti gaafatamaa taata, gatii yakka keetiis ni argatta.

Walumaa galatti, gufuuwwan mul'ataa kana sadaniif carraa hin kenniin. Isaan mo'adhu. Bira darbii deemi. Yeroo hundumaa Waaqayyoon isa mul'ata siif kenne of biratti yaadi. Yeroo tokko tokko si jalaa callisa ta'a, abbummaan isaa sitti dhaga'amuu dida ta'a, gara jabeessa fakkaatee sitti argama ta'a.... Garuu dhugaan ani siif mirkaneessuu barbaadu tokko jira. Uumaan kee mul'ata keef si tumsuuf yeroo hundumaa si bira dhaabatee jira.

Namichi maal nuuf himee? Ganda tokko keessa nama baay'ee goota ta'etu ture. Gootummaa isaa ganda guutuutu beeka. Haala nama gaddisiisuun ilmi isaammoo lugna /dabeessa ta'e. Abbaan ilma isaatti aare. Lugna ta'ee maqaa isaa balleessuu isaaf akka malee itti dhaga'ame. Sana booda, guyyaa tokko galgala ilma isaa fudhatee bosona guddaa tokko keessa deeme. Bosonichi bineensonni hedduun waan keessa jiraniif baay'ee sodaachisaa ture. Karaan bosonicha keessa qaxxaamuru tokkommoo keessa ture.

Abbaan achi ga'ee ilma isaatiin, "Ani asuma dhaabadheen si eegaa karaa kanarra deemii gama ga'ii deebi'i. Sodaa kee dhiisi. Goota ta'i" jedheen. Ilmi isaa sun boo'ee, gara jabina

abbaa isaaf gaddaa dirqama isaa ba'achuuf deemsa eegale. Al tokko ga'ee deebi'e. Abbaan isaa garuu yeroo lammaffaas akka inni deebi'ee deemu dirqisiise. Baay'ee boo'e—ilmichi. Abbaan isaa gara jabina kanaan dura itti argisiisee hin beekne qabaachuu isaaf baay'ee gadde. Garuu dirqama waan ta'eef ammas deemsa eegale. Walakkaa bosonichaa yeroo ga'u Qeerramsi guddaan tokko ariitiidhaan fiigaa fuula duraan itti dhufe. Mucichi hamma malee na'e. Battaluma Qeerramsichi isa bira ga'u, sagaleen dhukaasaa guddaan dhaga'ame. Addi Qeerramsichaa rukkutame. Innis lafa dha'e. Mucichi garagalee yeroo of-dudduuba ilaalu, abbaan isaa rasaasa qabatee dhaabatee ture. Edaa durayyuu sagalee dhoksatee ilma isaa dudduuba deemaa ture. Argitee? Abbaan gootummaa nama shaakalsiisu argamuu isaa nama dhoksee booddee namaa deema. Afaan nama nyaatu bamamee yeroo namatti dhi'aatu akka tasaa rasaasa isaa irratti bobeessa.

Yeroo tokko tokko haalli si mudatu kana fakkaata. Jireenyi taateewwan kana fakkaataniin guutamtuu dha. Al tokko tokko akka waan ati qofti addunyaa kanarra jiraattuutti qofummaan sitti dhaga'ama. Namnis Waaqnis waan si dhiisanii fi si gatan sitti fakkaata. Waamtee deebii dhabda, kadhannaan kan si jalaa qabu dhiba. Qofummaan sodaa sitti harkisa. Dhiphattee jeeqamta. Haalli akkanaa haala ati keessatti gootummaa barattuu dha.

Wanti ani siif mirkaneessu yoo jiraate garuu, abbaan kee rasaasa baatee si booddee jira. Sagalee isaa dhaga'uu baattus, fuula isaa arguu baattus, sokoksaa kottee isaa dhaga'uu

dadhabdus—haala kam keessattiyyuu—inni sitti dhi'oo jira. Abbaan mul'ataa akka abbaan isaa isatti dhi'oo jiru ni hubata. Kanaaf haala dhufee darbuun hin raafamu. Bubbee xiqqoo itti kaateef na'ee waan qabate gad dhiisee baqatee hin deemu. Gufuuwwan mul'ataaf harka kennee—mo'amee—hojii dhaabee hin badu. Rakkinni ibidda bilcheessee isa miyeessu akka ta'e waan beekuuf ciniinnatee gubata.

Egaa...

Dhugaawwan ani siif ibse kun siif haa galan. Sammuu banamaadhaan fudhadhu. Hojiitti jijjiiri. Mul'ata keef wareegama ga'aa qabaadhu. Mul'ata kooti jettee waan itti amante sanaaf lubbuu kee kenni. Sana irratti mormi kee si hin mararin. Kutannoo qabaadhu. Kutatan malee lafa ka'aniif hin ga'an. Haala utuu hin ilaalin fiigicha jireenyaa eegalte ittuma fufi. Ittuma fufii fiigi. Guyyaa tokko xumurtee, "Ergamni ani qabadhee gara addunyaa kanaa dhufe kana fakkaata!" jechuuf carraa qabaatta.

Milkiin siif hawwa!

...7...

Garaa Dhiifamaa Qabaadhu

Ta'e jettanii beekaa yokiis utuu hin beekin

Tarii itti yaaddanii yokiis utuu hin yaadin

Mucummaadhaa kaasee namoonni na miitan

Sababa adda addaan natti balleessitan

Sammuun koo galmeessee kan inni yaadatu

Waraansa onnee koo keessaa dhikkifatu

Isa na boossiftan caban okkoladhu

Dhiphina keessa koo muddamee isan aadu

Badiin 'sin hojjettan waan fedheyyuu haa ta'u

Dabaan natti maltan hammamuu haa ga'u

Garaa koo guutuudhaan isiniif dhiiseera

Keessi koo waa hin qabu haaloon qabu haqeera

Isinis badii koof haa hafu naaf jedhaa

Dhiifama nuuf wayya jibbi maal nuuf godhaa?

Lubbuu koo!...

Addunyaan kun addunyaa amaloota namoota hedduudhaan guuttee dha. Mee yaadi! Erga namoonni isheerra jiraachuu eegalanii as addunyaan amala namoota meeqaa argiteetti laata? Utuu akka koo kana kobbee qabattee waraqaa irratti barreessuu dandeessee mudannoon ilmaan namaa waliin qabdu hammam ta'a laata? Waraqaan irratti barreeffamu kobbeen ittiin barreessanis hin ga'u. Utuu galaanonni addunyaa irraa hundi qalama ittiin barreessan ta'anii, utuu baalonni mukeetii hundimmoo waraqaa irratti barreessan ta'anii mudannoo addunyaa irratti barreessanii fixuun hin danda'amu. Ni danda'amaaree? Lakki! Natti hin fakkaatu.

Namoonni gara jabeeyyiin kan dhala namaaf hin yaanne hedduun keessa jiraataniiru. Warra akka Neeroofaa seenaan ni yaadata. Suurri faana miila isaanii cirracha seenaa irraa sirriitti mul'ata. Akka malee garaa jabaatu. Neeroon mootii biyya Roomaa durii kan waggoota kuma lama dura aangoo guddaan biyyattii bulchaa turee dha. Mootota addunyaa irratti ka'an keessaa kanneen gara jabina isaaniin beekaman gurguddoo keessaa isa tokko ture. Gadameessi isa baate maal akka fakkaatu ilaaluuf garaa haadha isaa billaadhaan baqaqseera. Dhala dhabuu isheef haadha manaa isaa kan baay'ee isa jaallattu ajjeeseera. Ilma isaa sababa malee qaleera. Namoota kumootaan lakkaa'aman hedduu ajjeesiseera. Isaaf gidiraa ilmaan namaa arguun madda

gammachuu dha. Nama ajjeesee du'a namaatti kan gammadu amala bineensummaa kan qabu ture—Neeroon.

Namoota addunyaan kun gara jabina hadhaa'aa fi suukaneessaadhaan isaan yaadattu keessaa inni biraan Adolf Hitler, aanga'aa biyya Jarmaniiti. Hundeessaa fi hoogganaa paartii Naazii kan ture Hitler, jabaatee akkuma aangoo qabateen dabaa guddaa tokko yaaduutti akka ka'e seenaan dhugaa ba'a. Saba Jarmanii kan caalu sabni biraan addunyaarra akka hin jirre kan amanu mootiin sun, saba Jarmanii dorgomuu danda'u jedhee saba yaadu hunda lafarraa balleessuu yaade. Isaan keessaa tokko saba Yihudiiti jedhee waan amanuuf akka isaan dhuman karoorsuu eegale. Akka malee wanti nama gaddisiisu garuu waldoonni amantaa biyya Jarman keessa turanillee mootii gara jabeessa kanaaf deggersa kennuu isaaniiti. Namicha sodaatanii haa ta'uyyuu malee gocha sanaaf deebii kennaniiru. "Macaafa Qulqulluu keessan keessaa sabni Yihudii balleeffamuu akka qabu kan nu deggeru barbaadaa fidaa!" jedhee abboommii isaaniif kenneef yeroo fudhatanii itti yaadan. Dhuma irratti, "Ilma Waaqayyoo Yesuusiin (Almasii Iisaa) kan ajjeese isaani dha. Dhiigni isaammoo nuu fi ilmaan keenyarraa haa barbaadamu jedhanii kakataniiru. Kanaaf sabni kun gatii hojii isaa argachuun isaaf ni ta'a. Lafarraa haa dhuman!" jedhanii kan deebii kennan hayyoota amantaa ta'uun isaanii baay'ee nama gaddisiisa.

Gurguddoota seenaa kanaan wal fakkaatu qaban hedduu kaasee siif ibsuun salphaa dha. Garuu maal si fayyadaa?

Hojiin isaanii inni isaan gara jabinaan dhala namaa irratti raawwatan siin maal si gargaara. Kanayyuu eenyummaa namaa irratti hubannaa akka dabalattu barbaadeen malee waan biraaf miti.

Rabbi yeroo nama lafarratti uume akka namni jal'inaan jiraatuuf hin turre. Uumaan keenya gaarii ta'ee utuu jiruu akkamitti jal'oota akka nuti taane naaf hin galu. Abbaan keenya abbaa jaalalaa ta'ee utuu jiruu jibba eessaa akka nuti fidne gaaffii koo kan deebii hin qabnee dha. Waaqa dhugaarraa uumamnee daandii sobaa filachuun keenya maaliif laata? Hojii gaarii waliif hojjennee, waan gaarii waliif dubbannee, waan gaarii waliif yaadnee xumuruufiyyuu yeroon nu hin ga'u. Nuti garuu yeroo baay'ee dabaa walirratti yaadna.

Ilaamee!...

Namoonni si marsanii jiran lakkoofsaan hammuma baay'atan rakkinoonni karaa isaanii sitti dhufanis baay'achaa akka deeman beekta. Namni kamiyyuu rakkina mataa isaa qaba. Nagaa baatee akkuma deemu dhibees baatee deema. Jaallattus jibbitus—karaa tokkos karaa lamas—namni inuma si miidha. Haadhoo kee kan ati waliin gadameessa tokko keessatti tiruu tokko waliin boraafatte haa ta'u, michuu ijoollummaa ati waliin guddatte kan waan hedduu waliin dabarsitanis haa ta'u, hiriyyaa jaalalaa ati garaa kee guutuu amanattus haa ta'u—eenyuyyuu—si gaddisiisa. Namni nama akkasaa mitii, uumaa isaayyuu gaddisiisaa oola.

Wanti guddaan eenyummaa namaa isa uumama isaan inni qabu kana hubattee dabaa sirratti hojjetamuuf deebii sirrii deebisuu danda'uu dha. Haaloo garaatti qabachuu dhiisuu. Bineensota keessaa yeroo dheeraaf haaloo qabachuudhaan kan beekamu Gaala dha. Gaalli nama guyyaa tokko waa itti balleesse waggoota torba guutuuf yaadatti. Waggoota kana keessaa guyyaa haala mijataa argattu tokko namicha miidhuudhaan gadoo ishee ba'atti.

Ati garuu akka Gaalaa haaloo garaatti qabattee waliin hin jiraatin. Yoo namni waa sitti balleesse balleessaa isaa utuu hin taane, maaliif akka sitti balleesse beekuu irratti xiyyeeffadhu. Yeroo hedduu namoonni kan si miidhan si miidhuu barbaadanii miti. Ta'e jedhanii si gaddisiisuuf dabaa sirratti hin hojjetan. Kanaaf waan sitti balleesseef qofa nama tokkotti hin murteessin.

Namoota naannoo keetii hubachuun kennaa guddaa dha. Tokko, uumamumaan namichi maal fakkaataa? Rakkoon inni sirratti uume tarii uumama isaa waliin wal-qabataa? Lama, yeroo balleessaa sana hojjete haala akkamii keessa turee? Wanti isa aarsee ture jiraa? Sadii, balleessaa sana beekaa si miidhuuf hojjetemoo rakkatee hojjetee? Namni si miidhuu hin barbaanne, garuu filannoo biraa dhabee yoo si miidhe, nama si miidhuuf si miidherra ni wayya. Kanaaf, daftee namootatti hin murteessin. Daftee namootatti murteessuu irraa of eeggadhu.

Macaafni Qulqulluunis, Qulqulluun Quraanaas dhugaan isaan deggeran tokko jira. Dhugaan kun anaaf qajeelfama jireenya

koo akka ta'u nan yaala. Garuu hin dandeenye! Maalinni? Waan hamaa gaariidhaan mo'uu! Mee yaadi—al tokko. Namoonni addunyaa kanarra jiraatan marti qajeelfama guddaa kana fudhatanii utuu itti jiraatanii maaltu ta'aa laata? Silaa addunyaan kun raawwattee kan amma taatee jirtu kana ni taati jettee yaaddaa? Maal eessaa? Silaa mee addunyaan kun buufata namoota ofiif caalaa namoota biroof yaadanii waan taatuuf ofittummaan keessatti hin argamu.

Hamaa obboleessi kee sirratti hojjetuuf atis hamaa hojjettee gatii isaa hin deebisiinif. Nama si arrabse hin arrabsin. Jajadhu. Nama si abaaru hin abaarin. Eebbisi. Nama waa si dhowwate waan qabdu hin dhowwatin. Kenniif. Nama boolla siif qoteef boolla hin qotiin. Gama siif danda'amu hundumaan gargaari. Nama dhagaa siif hiixateef dhagaa hin hiixatin. Dhadhaa hiixadhuuf. Ta'e jedhee nama si miidhe atimmoo ta'e jedhii fayyadi.

Yaadadhu. Dhiifamaaf fakkeenya dhalootaa ta'uu kan danda'u Niilsen Maandeellaan, waggoota 27 guutuu hidhamee erga ba'ee booda dhiifamni inni warra isa miidheef taasise ajaa'ibsiisaa dha. Abbaa alangaa isa murtiin du'aa akka itti murtaa'uuf gaafatee tureef afeerraa laaqanaa taasiseera. Warra dabaa isarratti hojjete irratti gadoo isaa ba'achuuf uleen aangoo yeroo isaaf kenname nama tokkorratti illee haaloo hin ba'anne. Haala ummata addunyaa hundumaa ajaa'ibsiiseen dhiifama taasiseef.

Haaloon garaa kee keessa ka'attee jirtu namicha ati itti qabatte caalaa akka si miidhu beekamaa dha. Dhukkuboonni

dhiifama gochuu dhabuu waliin wal qabatan hedduun ni jiru. Gama biroonimmoo bu'aawwan dhiifama namaaf gochuu keessaa argaman hedduu dha. Mee muraasa isaanii akka armaan gadiitti siif haa himu:

1. *Dhiifama gochuun mana hidhaa keessaa nama tokko baasuu dha; namichis si dha jedhama.*
   Hamma namatti gadoo qabattee jirtutti nama tokkotu mana hidhaa jira. Namichi sun karaa ba'aa dhabee iyyataa jira. Innis si'uma mataa keeti. Namichi sitti balleesse tarii irraanfatee dhiiseera. Maal akka sitti balleesses hin beeku ta'a. Ati garuu yeroo hundumaa balleessaa isaa yaadachaa garaacha kee dhukkubsita. Nagaa of dhowwatta.
   Hamma siif danda'ame hundumaatti nama hundumaaf garaa qulla'aa qabaadhu. Balleessaa tokko lamaaf namaaf garaa hin kutatiin. Carraa biraa kenniif. Dhiifama gaafa namaaf gootu egaa bu'aan kee inni guddaan boqonnaa sammuuti. Sammuu keef boqonnaa kana kennuun mana hidhaa keessaa of baasuu jechuu dha. Bilisummaa dhugaa argachuu. Tarii badii namootaa irraanfachuu dadhabuu dandeessa. Sammuun namaa uumamaan filatee hin yaadatu. Tooftaan ittiin odeeffannoo sammuu kee keessaa haqxu hamma ammaatti hin jiru. Tasuma hin argattu. Waan sammuun kee yaadatu hundumaa yaadachuun kee dirqama. Kun dirqama uumamaati. Uumaan namni waan barbaadu duwwaa yaadatee waan hin barbaanne akka irraanfatuuf carraa hin

laanneef. Badii isaanii irraanfachuu yoo dadhabde rakkoo hin qabu. Yeroo sana yaadattu hundumaatti miira sitti dhaga'amu to'achuu garuu ni dandeessa.

2. *Dhiifama namootaaf gochuun dhukkuboota hedduu irraa si eega.*

   Saayinsiin qoratee waan bira ga'en siif hima. Namoonni yeroo hedduu haaloo qabatanii wajjin jiraatan dhukkuboota hedduuf saaxilamu. Maaliif? Sababni isaa xiinsammuu namootaaf qaama isaanii gidduu hariiroon jiru cimaa waan ta'eef. Dhukkuboota namoonni dhukkubsatan keessaa hedduun yaada isaan yaadan waliin walqabatu. Dhukkuboota akka dhiibbaa dhiigaa, dhukkuba onnee fi kkf irraa si bilisoomsa. Maal jechuu akkan barbaade beekta. Nama si miidhe tokkoof dhiifama gochuun isaaf qofa utuu hin taane, ofii keefiyyuu bu'aa guddaa dha. Qorannoon saayinsii dhugaa kana deddeebi'ee mirkaneesseera. Namoonni gadoo kuusan, miira yakkamtummaa keessa jiraatanii fi dhiifama gochuuf fedha hin qabne carraan dhibee adda addaaf saaxilamuu isaanii daran guddaa dha. Kanaaf dhaamsi ani siif dhaamu inni guddaan ofiif jedhii dhiisiif.

   Maal wayyaree?

   Danda'i. Namoonni amalli isaanii rakkisoon waliin jiraachuun akka malee ulfaatu ni jiru. Garuu danda'i. Haa xiqqaatanillee malee namoonni miidhama gurguddaa sirratti hojjetan ni jiraatu. Danda'i. Jecha arrabaa ati raawwattee irraanfachuu hin dandeenyeen

kan si waraanan kan sagaleen isaanii inni lafee namaa cabsu yeroo hundaa gurra kee irraa iyyu ni jiru. Danda'i. Gaarummaa kee hammeenyatti jijjiiranii carraa argatan maraan maqaa keetti cilee kan diban ni jiru. Garuu danda'i.

Namni bineensa dha—bineensa haala mijataa eeggatee harka irraa nyaate nyaatu. Danda'i! Irraanfadhu. Miidhama namoonni sirratti raawwatan yoo siif danda'ame irraanfadhu. Caba isaan si cabsan—isa miira kee miidhe—irraanfadhu.

3. *Dhiifama gochuun yeroo kee isa gara fuula duraa siif miidhagsa.*

Yaadadhu! Dhiifama namootaaf taasisuun yeroo kee isa darbe hin jijjiiru. Miidhamni kee kanaan duraa yaadannoo sammuu—godaannisa—ta'ee hafa. Uumaan dandeettii taatee yeroo darbee sirreessuu nuuf hin laanne. Jaallannes jibbines wanta kaleessa hojjenne irra deebinee qajeelchuu hin dandeenyu. Waa itti hin daballu, waa irraa hin hir'ifnu.

Gaarummaan isaa garuu dhiifama gochuun yeroo kee isa gara fuula duraa siif miidhagsa. Hariiroo ati nama si miidhe sana waliin qabdu siif jijjiira. Miirawwan nama miidhan warra akka haaloo qabachuu, dheekkamsaa, aarii, ija ba'umsaa fi kkf irraa si oolcha. Jaalala akka horattu si taasisa. Guutummaan guutuutti nama dhiifama gooteef tokkoof miira jaalalaa horachuun salphaa dha. Biriyaant Maakgiil maal jedhan? "Dhiifama malee jaalalli hin jiru, jaalala

malee dhiifamni hin jiru!" Dubbii dhugaa fi amansiisaa dha. Hin jaallattu yoo ta'e dhiisuufii hin dandeessu. Hin dhiiftuuf yoo ta'emmoo jaallachuu hin dandeessu.

Jaalladhu. Jaalalli filannoo hin qabu. Namoota gaarummaa siif oolan filattee jaallachuudhaan warra si miidhan jibbuun qajeelfama jireenyaa isa sirrii miti. Uumama isaarraa eegalee namni kamiyyuu dadhabaa waan ta'eef balleessaa hundarraa bilisa ta'ee kan jiraatu hin jiru. Kanaaf jaalladhu. Namoota tokko tokko hojii isaanii yeroo yaaddu jaallachuun akka malee sitti ulfaata ta'a. Ta'ullee jaalladhu. Sababa hin funaaniin. Sababa malee jaalladhu. Namoota hundaaf jaalala haalaan hin murtoofne qabaadhu.

4. *Dhiifama namaaf gochuun boqonnaa sammuu namaaf kenna.*

   Haala kam keessayyuu yoo jiraatte namni ati gadoo itti qabatte tokko utuu jiruu sammuun kee boqonnaa guutuu hin qabu. Dhiphina keessa jiraata. Yeroo itti namichaaf dhiifama godhurraa eegalee garuu ni boqota. Tarii nama tokko dhiifama gaafachuun kabaja keetti waan bu'u fakkaatee sitti ulfaachuu danda'a. Namoota dhiphisanii yaadaniif dhiifama gaafachuun mallattoo kufaatii fi namaa gad ta'uuti. Akka itti balleessan utuu beekanii dhiifama gaafachuu sodaatu. Kanarraa kan ka'e yeroo hundumaa miira yakkamtummaa keessa jiraatu. Kun bu'aa tokkollee hin qabu.

Dhiifama ilaalchisee dubbii Maatama Gaandiin dubbatan yaadadhu. "Namni dadhabaan tasuma dhiifama hin beeku. Dhiifamni amala namoota jajjabooti!" Bara jiraattu hundumaatti dubbii kana sammuutti qabadhu. Tasuma hin dagatin. Dhiifama gaafachuu fi taasisuu yoo dadhabde ati dadhaboota keessaa nama tokko dha jechuu dha. Yeroo barbaachisaa ta'e hundumaatti dhiifama nama gaafachuun sitti hin ulfaatin. Yoos boqonnaa sammuu argattaa.

5. *Dhiifama gochuun ni danda'ama.*
   Namoonni tokko tokko, "Raawwadhee balleessaa kanaaf dhiifama gochuu hin danda'u! Hin danda'u!" utuu jedhanii dhaga'amu. Soba! Miidhamni ati namootaaf dhiisuu hin dandeenye hin jiru. Seenaa yeroo gabaabaa dura dubbifne sana yaadadhu! Dubartii tokkotu turte. Seenaa sana isheetu barreesse. Mudannoo jireenya isheeti. Dubartittiin Yihudoota bara Hitler keessa miidhamni guddaan irra ga'e keessaa tokko turte. Maatii ishee waliin qabamtee bakka itti Yihudoonni qalamanitti geeffaman. Utuu isheen ilaaltuu abbaa fi haati ishee akkasumas obbolaan ishee marti ajjeefaman. Isheen haala nama ajaa'ibuun du'a oolte. Miseensota maatii ishee keessaa ishee qofatu lubbuudhaan hafe.
   Yeroo dheeraa booddee yaa'ii tokko irratti seenaa dabarsite sana namootatti himte. Guyyaa sana akkuma isheen sana haasoftee waltajjii irraa buuteen namichi

tokko sagalee ol ka'aadhaan boo'aa dhufee miilla ishee irratti kufe. "Maaloo dhiifama naaf godhi! Dhiifama! Namni hamma koo si miidhe hin jiru. Baay'een sitti balleesse. Dhiifama!" jedhee iyye. Isheen eenyummaa isaa hin beektu turte. Isa booda qabdee lafaa kaasuun eenyu akka inni ta'e gaafatte. "Ani!" jedhe namichi, "Loltuu isa utuu ati ilaaltuu maatii kee hunda dhukaasaan ajjeesee dha!" Mee yaadi. Yeroo sana miira attamiitu itti dhaga'ama jettee yaaddaa?"

Dubartittiin garaa dhiifamaa ajaa'ibsiisaa qabdi. Al tokko akka malee naatee miirri isheen haalaan ibsachuu hin dandeenye tokko itti dhaga'ame. Isa booda ofitti qabdee haammatee akka isaaf dhiifte itti himte. Namichi amanuu dadhabe. Isheen garuu garaa ishee guutuu dhiifteef. Badiin namichaa hamma malee ulfaataa ta'us isheen al tokkoo fi isa dhumaa dhiifteef. Namni tokko nama miseensota maatii isaa hundumaa rasaasaan fixeef dhiifama guutuu gochuu erga danda'ee, dhimmi dhiifama gochuun ulfaatu maaliree? Natti hin mul'atu.

Atis dhiisiif. Miidhamteetta. Karaa jireenyaa ati hamma har'aatti irra deemtee dhufte kana irratti namoonni baay'ee si miidhan jiru. Yoon kaan dhiise, kan abalu na irratti hojjete attamittan dhiisa? jettee gaafatta. Lakki! Yoo murteessite ni dandeesse. Badiin ati dhiisuufii hin dandeenye hin jiru. Ta'e jettee yoo

sammuu kee amansiifteen alatti hunda isaa ni dandeessa.

Atis dhiifama barbaadda!

Atis nama dha. Wanti nama irraa adda si taasisu hin jiru. Akkuma namoonni si miidhan atis namoota miiteetta. Ati badii namoota hedduu yaadannoo sammuu kee irratti qabattee akkuma jirtu namoonni badii ati isaan irratti hojjetteef si komatan immoo meeqa ta'u laata? Hedduu dha. Akka carraa ta'ee ilmaan namootaa ija ittiin balleessaa nama biraa argan malee ija ittiin dogoggora mataa isaanii argan hin qaban. Yoo qabaatanis haalaan hin argu. Kun rakkoo walii gala ilmaan namootaati. Miidhama namoonni hojjetan addaan baasuu fi balaaleffachuutti beekamoo dha. Balleessaa mataa keenyaaf garuu iddoo hin laannu. Addunyaan kun akka nuti barbaannu qofaa akka taatu barbaanna. Akka obboleessa keenyaaf mijatu hin barbaannu.

Dhukkubni kun dawaa atattamaa barbaada. Dogoggora obboleessa keetii qofa funaanuu utuu hin taane, dogoggora mataa keetiis yaadadhu. Miidhamni ati nama miitee miidhama namni si miidheen gad akka hin taane amani. Eyyee. Amani. Sitti badeera, atis balleessiteetta. Dubbii Gooftaa Yesuus sana yaadadhu! "Huuba ija obboleessa kee keessaa baasuun duratti utubaa ija kee keessaa baafadhu!" Argitee! Namoonni hedduun ija isaanii keessaa utubaa qabu. Utubaa sana garuu hin argan. Huuba xiqqoo ija

namootaa keessa jirtu baasuuf harka isaanii diriirsu. Maaliif laata? Dhalli namaa maaliif ofittoo ta'aa? Kan isaa dhiisee maaliif dadhabbii namaa irratti xiyyeeffataa? Ofii of qulqulleessee maaliif obboleessa isaa yakkamaa taasisaa? Maaltu tuqe laata? Dogoggora isaa isa hamma gaaraa guddatu dhiisee dogoggora nama biraa ishee xiqqoof aaree maaliif garaacha of dhukkubsaa? Ani maalan beeka!

Addunyaan kun isa yeroo kamiiyyuu caalaa yeroo ammaa kana namoota garaa dhiifamaa qaban barbaaddi. Gara balleeyyii—garaa bal'atanii—namoota waliin jiraatan. Garaa hin ballattu yoo ta'e addunyaan har'aa iddoo siif hin qabdu. Suuta suutaan balaaf si kennitee si geggeessiti. Yeroon kun kan warra yakka namootaa utuu hin taane faayidaa isaan irraa argatan irratti xiyyeeffataniiti. Dhugaadhaam! Yeroon kun kan warra dogoggora isaaniif itti gaafatamummaa fudhatanii warra miidhan dhiifama gaafataniiti. Yeroon kun kan warra mataa irra keessa qabatanii deemanii utuu hin taane, kan warra gad of deebisanii haala isaan keessa jiran waliin namoota hubataniiti.

Namni garaa dhiphatu, namni hin obsine, namni dhiifama gaafatee dhiifama hin fudhanne addunyaa har'aaf hin malu. Salphaadhumatti gatii isaa kennitiif. Miindaa isa barbaachisu kenniteefii gara addunyaa itti aanuutti dabarsiti.

Kanaafuu—dhaga'i lubbuu koo—addunyaa irra hamma jirtutti dhiifama gochuu malee filannoo biraa hin qabdu. Nama malee addunyaa irra jiraachuu akka hin dandeenye, dhiifama gochuudhaan malees jiraachuu hin dandeessu. Waan dandeessu sitti hin fakkaatin.

Dhiifama gaafachuu fi kennuun mallattoo bilchinaati. Yeroo barbaachisaa fakkaatee sitti mul'atu hundumaatti sana gochuuf booddee hin deebi'in. As irratti maal jedhuun hin barbaachisu. Namoonni maaliyyuu haa jedhan, jechi isaanii dhiibbaa akka sirratti taasisu heyyamuu hin qabdu. Hammamuu yoo waan gaarii hojjette namoonni si qeequu hin oolan. Kun waanuma jiru. Dogoggora irraa hammamuu yoo of eeggatte namoonni dogoggora jedhanii waan yaadan hin dhaban.

Qeeqa namootaa sodaachuun eenyummaa kee isa dhugaa jiraachuu akka ati hin dandeenye si daangessa. Yaadni namni siif kennu yeroo tokko tokko barbaachisaa ta'ullee geengoo jireenya kee naannessu garuu ta'uu hin qabu. Of dandeessee murtoo mataa kee fudhachaa jiraachuudhaa yoo baatte ati nama ofitti amanamummaa hin qabnee dha jechuu dha. Sun immoo balaa guddaa qaba. Hojii hojjettu hundumaaf yaada namootaa irratti hirkachuu si gaafata jechuu dha. Nama akkanaa ta'uun immoo maal jedhuu sodaattee waan qajeelaa hojjechuu akka dhiiftu si taasisa.

Yaada qeeqaa namoonni siif kennan ilaalchisee namichi Joonaas Saalk jedhamu—namichi yeroo jalqabaaf kittibaata pooliyoo abuure—sun maal akka jedhe ni yaadatta jedheen amana. "Jaqaba namoonni akka ati sirrii hin taane sitti himu. Isa booda sirrii akka taate, garuu hojiin kee barbaachisaa akka hin taane sitti himu. Dhuma irratti, sirrii ta'uu kee, hojiin hojjettus faayidaa akka qabu sitti himu!"

Jireenyi kee yaada namootaa irratti akka bu'uureffamu taasisuudhaan, nama dhiifama gaafachuuf ofitti amanamummaa hin qabne hin ta'iin. Namoota itti balleesseera jettee yaaddu hunda dhiifama gaafadhu. Balleessaa sammuun kee itti amanu hundaaf dhiifama gaafadhu. Kana namnis Waaqnis ni jaallata. Kitaabni amantaa yaada kanaan mormu hin jiru. Kitaaba warra seexanaaf sagadanii—*Satanism*—yoo ta'e malee kan dhiifama balaaleffatu hin argine—ani. Quraanni dhiifama ni jajjabeessa. Macaafni Qulqulluunis akkasuma dhiifamaaf iddoo guddaa kenna. Qajeelfamni amantaa Waaqeffataas yoo ta'e yaada kana ni jajjabeessa.

Iddoo kamittiyyuu, haala kam keessattiyyuu, yoomiyyuu dhiifamni barbaachisaa dha. Ilaalchi ati dhiifama irratti qabdu sirrii haa ta'u. Dhimma kana ilaalchisee ejjennoon kee maaliiniyyuu kan raafamu hin ta'iin. Dhiifamni ajandaa gurguddootaati. Gocha sammuu namoota gurguddoon raawwatamuu dha. Madaallii bilchina sammuu dhala namaati—

dhiifamni. Carraa guddaa ilmaan namaaf kennamee dha. Itti fayyadamuunimmoo ga'ee si irraa eegamuu dha.

Har'a murtoo tokko akka murteessitun siif dhaama. Yoo dandeesse nama hundaa wajjin nagaatti jiraachuuf garaa dhiifamaa qabaadhu. Namoota hundumaaf dhiisi. Dhiisiif! Jaraaf dhiisi!

...8...

Ni dandeessa!

Haala koo ilaalee kan natti murteessu
Hin dandeessu jedhee mogolee na buusu
Dadhabbii koo ibsee hamilee na cabsu
Waa akkan hin hojjenne booddee na deebisu
Amma deebiin qabaaf waanan ittiin jedhu
Dubbadheen falmadha afaan hin qabadhu
Nan danda'an jedha eenyutu naan morma?
Kaayyoo koo dhugoomsuun ni danda'ama!
Hin danda'u jedhee sammuun koo hin amanu
Abdii kutee taa'ee kufaatiif nan kennu
Karaa dogoggoree dalga na hin hoogganu
To'annoo koo jala abjuun koo hundinuu
Sichi of hin tuffadhu xiqqeessee of ilaalee
Eenyummaan koo sirriin amma erga naaf galee
Kutannoo guutuunan hojiif ka'a malee
Mammaradhee hin taa'u waan fedhe ta'ullee
Amansiifadheera itti himee sammuu koo
Booddee akka hin deebine sodaatee waan tokko!

Jaarraa 20ffaa gara dhumaatti, lubni beekamaan Miilton Raayit jedhamu biyya Amerikaa keessaa, afeeramee barreeffamoota yeroo sana barreeffaman beekamoo keessaa tokko irratti yaada akka kennu gaafatame. Barreeffamichi ilmaan namootaa meeshaa ittiin qilleensa keessa barrisan hojjechuu akka isaan danda'an kan dubbatu ture. Lubichi akkana jechuun yaada kenne: "Barrisuuf kan uumaman ergamoota Waaqayyoo qofaa dha. Dhalli namaa barrisuu hin danda'u!"

Yeroo muraasa booda dargaggoonni waggaa soddomoota gara jalqabaa turan—obbolaan lakkuu—yaada luba kanaa soba ta'uu isaa mirkaneessuuf yaalii eegalan. Meeshaa ittiin barrisan hojjetanii dhalli namaa barrisuu akka danda'u argisiisuu fedhan. Kaarolaayinaa Kaabaa, qarqara laga Kiitiiy Haawukitti hojii isaanii eegalan. Gara jalqabaatti yaaliin isaanii milkaa'aa ta'uu baatus, yaalii yeroo murtaa'ee booda yeroo jalqabaaf meeshaa hojjetaniin meetira 40 ol ka'anii barrisan. Sana gochuu isaaniin dubbiin lubichaa soba akka ta'e argisiisan. Maqaan isaanii eenyu? Wiilbarii fi Orviil—ijoollee luba Miilton Raayit lachan! Iddoo abbaan isaanii akka hin danda'amne dubbatetti akka danda'amu mirkaneessan. Ni danda'ama!

Maal seete?

Yeroo hundumaa sammuu kee amansiifnaan ni dandeessa. Sammuun namaa raawwatee daangaa akka hin qabne Naappooliyoon Hiil nutti himeera. "Sammuun namaa

daangaa hin qabu—yoo abbaan isaa of daangesse malee!" jedhe. Dhimmichi dhimma ilaalcha mo'ichaa qabaachuuti.

Henerii Foord guyyaa tokko gara Toomaas A. Ediisen deemee yaada guddaa tokko qoodeef. Meeshaa nama baatee deemu—konkolaataa—hojjechuuf wixinee barbaachisaa akka qopheessee fi sana irratti hojjechuu eegaluu akka barbaadu mariisise. Ediisen argannoowwan gurguddoo addunyaa kana fayyadan abuuruudhaan haalaan beekamaa waan tureef gara isaa deeme. Ediisen yaada Foord kana dhaggeeffatee deebiin inni isaaf deebise hojiif kan nama hamileessu hin turre. "Wanta bira ga'uu hin dandeenye maaliif abjoottaa? Kun bar hin danda'amu. Ofumaa yeroo kee gubuun hin barbaachisu. Kana mannaa gara mana hojii kootii kottu. Hojiin siif kennaa na waliin hojjedhu!" isaan jedhe. Foord dubbii kanaan miidhamullee abdii hin kutanne. Deebi'ee galee hojicha eegale. Danda'ee akka hin dandeenye isa isatti himetti akka danda'u argisiisuu fedhe. Yeroo murtaa'eef jabaatee irratti hojjete. Wareegama barbaachisu hunda baasee hamma dhumaatti itti ciche. Guyyoota keessaa gaaf tokko konkolaataa isaa konkolaachisee deemsa eegale. Mo'ichaan hojii isaa xumure. Ni danda'ama! Maaliif hin danda'amu?

Ogeessi muuziqaa beekamaan biyya Raashiyaa—Luwis Armistiroong—jalqaba hojii isaa irratti gufuun guddaan isa mudatee ture. Guyyaa tokko dorgommii muuziqaa tokko irratti hirmaachuuf deeme. Nootaawwan muuziqaa akka inni taphatuuf isaaf kennaman keessaa muraasa qofaa taphatee isa kaan dadhabee dhiise. Namoonni murteessuuf iddoo sana

turan ariifatanii itti murteessan. “Nama muuziqaa akka taatu kan si taasisu ga’umsa homaa of keessaa hin qabdu!” ittiin jedhan. Gaddee boo’e. Garuu abdii kutee hojii muuziqaa hin dhiifne. Hiriyyoota isaan akkana jedhe, “Isaanillee ga’umsa homaa hin qabdu naan jedhan. Ani garuu muuziqaan akka na keessa jiru nan beeka!” Guyyaa sanarraa eegalee muuziqaa isa keessa jiru addunyaatti argisiisuuf halkanii fi guyyaa cimee hojjete. Yeroo murtaa’ee booda ogeeyyii muuziqaa gurguddoo addunyaa kanaa keessaa tokko ta'uu danda'e. Ni danda’ama.

Waan gochuun siif ta'u...

Galmee jechootaa kee irraa jecha tokko haquuf yoo carraa argatte maal haquu akka qabdu beektaa? Jacha tokko. Jecha diina dhala namaa ta’e tokko. Jecha kaayyoo gurguddaa hedduu karaatti hambisee, mul’ata hedduu danqee, namoota hedduu galma isaanii hankaakse tokko. Jecha, *Hin danda’amu* jedhu haquutu siif ta’a. Galmee jechootaa irraa haquu hin dandeessu. Sababni isaa jechichi kan dhuunfaa kee miti, kan uummataati. Garuu sammuu kee keessaa haquu dandeessa. Sammuu kee keessaa haqxe jechuun ni milkoofte jechuu dha.

Yaadadhu! Iddoo milkaa’inni itti eegalu—yeroo hundumaa—sammuu namaati. Utuu hojiidhaan hin milkaa’in dura ilaalchaan milkaa’uu qabda. Kufaatiif sababni akka hin jirre amani. Yaadonni gurguddoon lama sammuu kee hoogganu: milkaa’inaa fi kufaatii. Jaallattus jibbitus yaadota kana lamaan keessaa isa tokkoon hoogganamta. Yokiinimmoo

lachuun isaanii dabareedhaan si geggeessu. Carraan gaariin ati qabdu garuu yaadota kanneen ofii kee filattee kan yaaddu ta'uu isaati.

Wanti ati deddeebitee sammuu keetti himtu si dhuunfata. Xiinsammuun maal nu barsiise? Kitaabota namoota gurguddoo irraa maal baranne? Keessi sammuu keenyaa gola ijaan hin mul'anne lama akka qabu baranne. Inni tokko isa gara alaa (*conscious mind*) yoo ta'u, inni biraanimmoo isa gara keessaa (gol-keessoo-sammuu) isa *subconscious mind* jedhamuu dha. Kutaan gara alaa sun waan hundumaaf sababa barbaada. Akka salphaatti hin amanu. Wantota ta'an hundaaf sababa funaana. Nan barrisa yoo jette, koochoo dhabuu kee sababa godhachuudhaan akka ati hin dandeenye siif hima. Siif himee siif mirkaneessa. Siif mirkaneessee si amansiisa. Hojii guddaa tokko hojjechuuf yommuu karoorsitu sababoota akka ati hin dandeenye si taasisan siif tarreessa. Seen-duubee kee si yaadachiisee abdii si kutachiisuun karoora kee akka dhaabdu si taasisa.

Kutaan sammuu inni keessaa sun humna ajaa'ibsiisaa kan hamma ammaatti saayinsiin sirriitti ibsuu dadhabe of keessaa qaba. Akka isa gara olii sana sababa hin funaanu. Wanta itti himame hunda—dhugaas ta'u soba—ni amana. Akka kutaa isa olii dammaqaa miti. Kutaa dhokataa humna dhokataa of keessaa qabuu dha.

Egaa waanuma ati itti himtu mara dhugaa dha jedhee kan fudhatu gol-keessoon-sammuu kee waan dhaga'e sana hunda akkuma dhaga'etti si irratti hojjeta. Jecha biraan siif ibsuuf,

gol-keessoon-sammuu maasii waanuma ati irra dhaabde siif biqilchuu dha. Yeroo muraasa booda isa irra facaafte sana irraa haammata. Sunimmoo carraa jireenya keetii siif murteessa. Waan ati isatti kennatte deebisee siif kenna. Wanta itti kennitu filachuun ga'ee sirraa eegamuu dha.

Kanaan wal-qabatee dubbiin ati of irratti dubbattu yeroo hundumaa wanta gaggaarii qofa ta'uu qaba. Ani nama hin ta'u yoo jette kutaan sammuu inni keessaa sun sana qabatee akka ati nama hin taane si taasisa. Anaaf hin darbu jettee dubbii yoo baay'ifte siif hin darbiin hafa. Maaliif? Sammuun kee waan amane sana raawwata waan ta'eef.

Yeroo haalonni namatti ulfaatan, yeroo wanti hundi bitaa nama galu, yeroo addunyaan kun dalga nama ilaaltu....waan gaarii dubbachuun akka ulfaatu nan beeka. Gumgumuun, ofirratti waan hamaa dubbachuun, abaaruu fi jechoota abdii kutannaa of irratti labsuun filannoo isa dhumaa yeroo itti ta'utu jira. Ta'ullee, dhugaa ani armaan olitti ibse irraa ka'uun yeroo kamiyyuu waan gaarii duwwaa of irratti dubbadhu.

Haalonni ni jijjiiramu. Wanti har'a mul'atu bor ni dhabama. Yeroon Waaqa malee waan hin jijjiirre hin qabu. Har'a yoo hin milkoofne bor milkoofta. Amma yoo dukkanaa'e xiqqoo turee siif bari'a. Bari'uuf dhi'ee bar! Haalonni dhufanii darban dubbii arraba keetii hin murteessin.

Yeroo hundumaa nama abdii qabu—nama egeree miidhagaan itti mul'atu—ta'i. Abdiin boba'aa injiinii jireenya namaa

sochoosu akka ta'e beekkadhu. Namni abdii hin qabne abdii nama kutachiisa. Ofii bitaa yoo itti gale bitaa nama galcha. Waan dubbifne sana ni yaadattaa? Bara Xaaliyaanonni mo'amanii salphinaan biyya isaaniitti deebi'an bara lola Aduwa sana waan ta'etu jira. Giraaziyaaniin—aanga'aan loltoota Xaaliyaanii yeroo sanaa—mataa buusee yelloodhaan fuula Beniitoo Musiloonii dhaabate. Deebii akka kennuufis gaafatame. Akkamitti Itoophiyaan akka isaan mo'atte, meeshaa hammayyaan utuu lolanii akkamitti akka mo'aman deebisuuf dhaabatee jira. Dhuma irratti waan tokko dubbate: *Sabni dalga itti gale dalga nu galche (The confused people confused us!)* jedhe. Amma yeroon kun yeroo ani seenaa si barsiisu miti. Bakki isaas bakka sanaaf mijatu miti. Dubbii Giraaziyaanii kana fayyadamuufan jedhe. Namni bitaa itti gale nagaa hin dubbatu. Al tokko yoo abdii kutate dubbii abdii kutannaa qofa haasa'a. Waakkii namatti dubbatee hamilee namaa ajjeesa. Kanaafuu, nama abdii kutate baqadhu. Nama abdii kutate jechuun nama du'a ofitti murteessee namoota isaan kaanis ajjeesuuf summii baatee deemuu dha. Irraa fagaadhu. Baay'ee waliin hin dubbatin. Yeroo dheeraa waliin hin dabarsin.

Atimmoo abdii qabaadhu. Dhugaa qabatamaa keessa jirtutti gammaduudhaa yoo baatte abdii dura kee jirutti gammadi. Gammachuun kennaa qaamni jireenya keen ala ta'e siif kennu miti. Gammachuun wanta ati ofii keetii uummattuu dha. Gammaduu yoo barbaadde yoomiyyuu sababa hin dhabdu. Gadduus yoo barbaadde sababoota lakkoofsa hin qabne argatta.

Namni mo'u abdii hin kutu; namni abdii kutu hin mo'atu jedhama. Abdii qabaadhuu itti gammadi. Yoo beelofte abdii nyaadhu. Yoo dheebotte abdii dhugi. Yoo uffata dhabde abdii uffadhu. Eyyee, abdii qabaadhu.

Egaa akka dandeessu sammuu kee amansiifnaan wanti siif dadhabamu hin jiru. Hamma humna nama tokkootti wanta karoorsite hunda bira geessa. Yoo milkoofte milkaa'ina keef sababni inni guddaan sammuu kee amansiisuu keeti. Yoo kuftes sababni kee sanuma. Gufuu fi qormaanni jireenya keessatti si mudatan dalga akka ati yaaddu si hin taasisiin. Jireenyi nama kamiiyyuu qormaatuma.

Jireenyi qormaata dha. Tarii haala amma keessa jirtu keessaa baatee haala xiqqoo fooyya'u keessa utuu seentee sammuun kee boqonnaa akka argatu yaadda ta'a. Garuu akkana miti. Hammamuu guddadhu, hammamuu milkaa'i sadarkaan jireenyaa hundi qormaataa fi rakkina mataa isaa qaba. Namichi maal jedhe? "Nama guddaa ta'ee gaara beekamtii ol ka'aarra ga'ee addunyaa kana irratti beekamuun hawwii koo umurii guutuu ture. Jabaadhee hojjedhee iddoon yaade ga'eera. Fiixee gaarichaa irra ejjedheera. Garuu dhugaan ani isiniif mirkaneessu tokko jira. Gaaricha irra homtuu hin jiru!" jedhe. Ol ka'insi jireenyaa rakkina irraa bilisa ta'e hin jiru.

Dubbii dhi'oo kana dubbifne sana yaadadhu! Jireenyi qormaata namoonni muraasni qofti qabxii gaarii fidanii darbanii dha. Sababni isaa hundi keenya waraqaa qormaataa kan mataa keenyaa adda addaan akka qabnu hin hubatan. Waraqaan qormaataa isaanii kan namoota biroo waliin tokko

itti fakkaata. Akkanatti waan yaadaniif deebii namoota biroo irraa galagalchu. Dogoggora uuman irraa kan ka'e kufanii argamu. Hundi keenya gaaffii qormaataa adda addaa qabna. Gaaffii kee obboleessi kee hin hojjetu. Atis gaaffii isaa hin hojjettuuf. Wanti nama gaddisiisu—egaa—namoonni hedduun jireenya isaanii kan namoota isaan kaanii fakkeessuuf utuu yaalanii darbu. Hundi keenya orijinaala taanee dhalanna. Hedduun keenya garuu waraabbii (*copy*) taanee duuna kan jedhe tokko eenyu dhaa?

Na dhageessaa? Toora fiigichaa kan mataa keetii irra fiigi malee kan nama biraarra hin deemin. Eenyuuniyyuu hin akkeessiin. Ati si'uma. Of ta'uuf uumamte malee eenyuunuu ta'uuf hin uumamne. Maaliif akkeessitaa? Uumaan nama akka kee lama addunyaa irratti hin barbaadu. Atii fi namichi ati akkeessitu eenyummaa mataa keessanii akka qabaattan barbaada. Waaqni nama wal fakkaatu lama uumee hin beeku. Meeshaa ittiin si hojjete (uume) cabsee gateera siin jedhe barreessichi. Sana jechuun namni si fakkaatu kan biraan addunyaarra hin jiru jechuu dha. Erga uumaan meeshaa ittiin si uume cabsee gatee, atis meeshaa ittiin namoota akkeessitu cabsii gati. Na amani. Sun hin barbaachisu. Homaa si hin fayyadus.

Mee furtuu milkaa'inaan siif hima. Ni dandeessa! Kana of amansiisi. Sammuun dhala namaa waan tokko sirriitti fudhachuuf guyyoota 21 akka itti fudhatu qorattoonni xiinsammuu ibsaniiru. Maal jechuu dha—kun? Barsiifata haaraa tokko haalaan akka inni qabatu leenjii torban sadii

sammuu keef kennuu qabda jechuu dha. Guyyoota 21'f ganama ganamaa fi galgala galgala, akka dandeessuu fi humna ga'aa akka qabdu deddeebitee sammuu keetti yoo himte ni amansiifta. Sagalee ol ka'aadhaan dubbachuutu siif ta'a. Isa booda gol-keessoon-sammuu *(subconscious mind)* kee akkuma jirutti dubbii kee amanuudhaan hojiitti siif jijjiira.

Dursitee kufaatii hin abjootin. Barattoonni tokko tokko utuu barnoota hin eegalin dura kufu. Akka kufan of amansiisanii barnoota waan eegalaniif kufu. Qonnaan bultoonni tokko tokko utuu sanyii hin faacafatin dura akka midhaan hin margine labsu. Midhaanichis akkuma isaan jedhan sana ta'a.

Wanta uumaan keessa kee kaa'e—dandeettii kee—addaan baaftee irratti hojjennaan ni dandeessa. Nama akka kee fayyaa guutuu qabu haa turuu, namoonni hir'ina qaamaa qaban hedduun gufuu isaanii gara riqicha ittiin gama milkaa'inaatti ce'aniitti jijjiiranii mo'achuu isaanii seenaan ragaa dha.

Seenaa erga kaasnee waan ati yaadachuu qabdu tokkon siif hima. Dorgommii Olompikii bara 1960 taasifame irratti yeroo sadii walitti aansitee mo'chuun badhaasa warqee kan fudhatte nama miilli ishee naafa turee dha. Maqaan ishee Wiilmaa Rudoolfi jedhama. Biyya Amerikaa, Teneseetti kan dhalatte Wiilmaan umurii waggaa afuriitti dhukkuba pooliyoo ishee mudateen miilli ishee laamsha'ee hafe. Mucummaa isheedhaa kaastee garuu atileetii addunyaa irratti beekamtuu ta'uu hawwiti turte. Naafa atileetummaan itti bareedu!

Umurii waggaa 15 tti Yuuniversiitii Teenesee seenuun leenjisaa maqaan isaa Eed Teempil jedhamuun wal argite. Leenjisichaanis akkana jette, "Addunyaa kanarraa durba hundumaa caalaa fiigdu ta'uun barbaada!" Leenjisichi hamilee ishee ajaa'ibsiifachuudhaan akkana jedhe, "Hafuura qabdu kanaan eenyuyyuu si dura dhaabachuu hin danda'u. Dabalataan, anis sin gargaara!" Shaakala barbaachisaa erga taasiftee booda, dorgommii Olompikii sanatti dhi'aatte.

Dorgommicha wanti sodaachisaa taasisu sababni tokko tureera. Dubartoota isheen morkattu keessaa tokko Juuttaa Henii dubartii dorgomtee mo'amtee hin beekne turte. Juuttaa mo'achuun hojii ulfaataa ture.

Haala nama ajaa'ibsiisuun, Wiilmaan—miilli ishee naafatee utuu jiruu—Juuttaa morkachuudhaan dorgommiiwwan meetira 100, 200 fi 400 sadanuu mo'attee badhaasa warqee gonfachuun addunyaa kana safuu jechisiifteetti. Hojiin ishee bara sanaa seenaa ta'ee hafe: Dorgommii Olompikii bara 1960 keessatti dubartiin naafti tokko hundumaa caalaa ariitiidhaan fiigde jedhame. Hamma har'aatti seenaan ni yaadata.

Waaqa hin dhibin! Ati hir'ina qaamaa gosa kam irraayyuu bilisa. Fayyaa guutuu erga qabaattee akka ati kaayyoo kee bira hin geenye kan si taasisu hin jiru. Gufuun si dura dhaabbatee si daangessuu danda'u—akkuman kanaan dura siif hime—si'uma mataa keeti. Situ karaatti si hambisa! Hin danda'u jettee yoo amante eenyuyyuu si hin dandeessisu. Nan

danda'a yoo jettemmoo eenyuyyuu karaatti si hin hambisu. Yoo yaadota mo'ichaa yaadde lafa kaateef ni geessa.

Umuriin namaa dirree waraanaa namni biraan namaaf hin lolle dha. Situ lolata. Yoo mo'atte situ badhaafama. Yoo kufte situ itti hadheeffama. Addunyaan kun namoota gosa lamaan guuttee jirti. Mo'attootaa fi mo'amtoota. Garaa garummaan isaanii maal akka ta'e ibsuun garee keessa jirtu beektee yoo bakka siif hin malle jirta ta'e akka iddoo kee sirreeffattuuf si gargaara. Garaa garummaa garee lachuu gidduu jiru barreessaan Shiiv Keeraa jedhamu kitaaba isaa *You Can Win* jedhu keessatti haalaan ibseera. Mee akka armaan gadiittan muraasa isaanii siif tarreessa:

- Mo'attoonni yeroo hundumaa qaama furmaataati; mo'amtoonni immoo qaama rakkinaati.
- Mo'attoonni sagantaadhaan hojjettu; mo'amtoonni immoo sababa barbaadanii itti qabatu.
- Mo'ataan, "Siifan hojjedha" jedha; mo'amaan immoo, "Sun hojii koo miti" jedha.
- Mo'ataan rakkina hundumaaf deebii arga; mo'amaan immoo deebii hundumaaf rakkina arga.
- Mo'ataan, "Ulfaachuu ni danda'a, garuu ni danda'ama" jedha; mo'amaan immoo, "Ni danda'ama ta'a, garuu ni ulfaata" jedha.
- Mo'ataan yeroo dogoggora uumu, "Nan dogoggore" jedha; mo'amaan immoo yoo dogoggore, "Balleessaa koo miti" jedha.

- Mo'ataan wareegama fudhatee hojjeta; mo'amaan immoo waadaa akkasumaanii seena.
- Mo'attoonni abjuu qabu, mo'amtoonni immoo wixinee (*scheme*) qabu.
- Mo'attoonni, "Waan tokko hojjechuun qaba" jedhu; mo'amtoonni immoo, "Wanti tokko hojjetamuu qaba" jedhu.
- Mo'attoonni garee wajjin hojjetu; mo'amtoonni immoo garee baqatu.
- Mo'attoonni waan argachuuf jiran argu; mo'amtoonni immoo miidhama isaan qunnamu argu.
- Mo'attoonni wantota danda'aman argu; mo'amtoonni immoo rakkina argu.
- Mo'attoonni humna qaban argu; mo'amtoonni immoo yeroo isa darbe qofa yaadu.
- Mo'attoonni wanta dubbatan filatu; mo'amtoonni immoo wanta filatan dubbatu.
- Mo'attoonni waan dubbatan beeku; mo'amtoonni immoo waan beekan dubbatu.
- Mo'attoonni jecha salphaadhaan falmii guddaa dabarsu; mo'amtoonni immoo jecha ulfaataadhaan falmii xiqqaa dabarsu.
- Mo'attoonni waan isaan fayyadu irratti xiyyeeffachuun waan isaan hin fayyadnerraa fagaatu; mo'amtoonni immoo waan isaan hin fayyadne irratti xiyyeeffachuun waan isaan fayyadu irraa dheessu.
- Mo'attoonni filoosoofii akkana jedhu hordofu: "Namni biraan akka si irratti hin hojjenne kan barbaaddu nama

biraa irratti hin hojjetin; mo'amtoonni immoo filoosoofii akkana jedhu hordofu: "Utuu isaan dursanii si irratti hin hojjetiin namoota biroo irratti hojjedhu."

- Mo'attoonni ni hojjetu; mo'amtoonni immoo akka hojjetamu taasisu.
- Mo'attoonni mo'achuuf karoorsu, of qopheessus. Jechi baay'ee barbaachisaan *of qopheessuu* isa jedhuu dha.

Atihoo? Eessa jirtaa? Mo'ataa moo mo'amaa dha ati? Of ilaali! Of sirreessi!

Milkaa'i!

...9...

Amanamaa ta'i!

Harmee jaallatamtuu haadha ijoollee hedduu

Ilmaan baay'ee hortee danuu utuu qabduu

Naaf dabarsu jettee utuu isaan eegduu

Akka isheen abdatte ta'uu didan hunduu

Harka isheerraa nyaatee irraa dhugee uffatee

Hamma dandeesse hunda harmeen kunuunsitee

Utuu itti hin hir'isiin jaalalaan guddiftee

Bara naaf dabarsa jettee isa abdattee

Nama guddaa ta'ee gaafa iddoo qabatu

Barcuma qabatee taayitaa yoo argatu

Aangootti ol ba'ee yommuutti jabaatu

Wanta biraa ta'ee yaadni isaa hundumtuu

Bu'aa xiqqoof jedhee harmee isaa gurguree

Oolmaa ishee dagatee harka ishee irraa mure

Qabeenya ishee saamee orma qisaasessee

Warra ishee miidhanitti karaa agarsiise

Alagaan hin komadhu inni maal na godhe?

Miixadhee isan da'e mucaa kootu na miidhe

Jettee boossi harmeen imimmaan lolaastee

Waa'ee dhala isheetii isa imaanaa nyaatee

...baay'istee gadditee!

Biyya Ingiliziitti, namicha baankii keessaa hojjetu tokkotu ture. Guyyaa tokko hoogganaan isaa isa waamee waan tokko itti dubbate. "Yoo abalu dhufee na barbaade hin jiru jedhi" jedhe. Hojjetichi ija hoogganichaa keessa ilaalaa, "Maaliif? Bakkadeemtu qabdamoo?" jedhee gaafate. Hoogganichis, "Lakki, hin deemu. Namicha waliin wal arguu waanan hin barbaanneef malee" jedhe. Hojjetichi deebiseefii, "Ani hin sobu. Utuu ati jirtuu hin jiru hin jedhu. Kun qajeelfama jireenyaa ani hordofu waliin hin deemu" jedheen. Hoogganaan akka malee aare. Ni dheekkame. Hojjetichi garuu sagalee tasgabba'aadhaan akkana jedhe, "Kabajamaa hoogganaa koo, kun si dheekkamsiisuu hin qabu. Amala koo kanatti gammaduutu siif ta'a. Har'a siif sobuu diduun koo yeroo biraa akka ani si hin sobne argisiisa. Siif hin sobu jechuun si hin sobu jechuu dha!"

Bara itti amanamummaan namootaa gad-dhumaa deeme keessa akka jirru beekamaa dha. Amanamummaan jireenya dhala namaaf baay'ee murteessaa ta'ullee, suuta suutaan garuu dhabamaa jira. Mudannoo guyyaa guyyaatti ta'u irraa ka'uudhaan namni tokko isa kaan amanuu dadhabeera. Orma haa turuu obbolaan maatii tokko keessatti dhalatanii guddataniyyuu wal hin amanan.

Akka namni waliif hin amanamne wantota taasisan keessaa inni guddaan bu'aa mataa ofii barbaaduu dha. Dhalli namaa bineensa of qofaaf dursa kennuudhaan beekamu yoo ta'u, ofittummaan isaa amanamummaa isaa gaaffii keessa

galcheera. Xinnaan hin amanamu, guddaan hin amanamu. Inni beeku hin amanamu. Inni hin beekne hin amanamu.

Amanamummaa ilaalchisee wanti nama gaddisiisu yoo jiraate, bara kana keessa dhuguma namni amanamu yoo jiraate akka gowwaatti lakkaa'amuu isaati. Nama haalota waliin deemuu dadhabe, nama bara biraa hafe jedhama. Kun dogoggora guddaadha.

Namoota waliin dha'anii haala mijeeffatantu akka namoota sirriitti lakkaa'ama. Keessumaa namoota aangoo qabanitti fayyadamuudhaan faayidaa uummataa dagatanii kan mataa isaaniif jiraatantu akka namoota sirriitti ilaalama. Garuu maaliif?

Amanamummaan dhibuu irraa kan ka'e malaammaltummaan jecha qalbii namaa hawwatu ta'eera. Baroota murtaa'anii as jecha nuti irra deddeebinee dhageenyuu dha. Bakkaa fi taayitaa qabanitti fayyadamuudhaan namoota saamuu. Hawaasa ofii isaafuu waa hin qabne gidirsuudhaan ishee inni qabu irraa saamuu. Uummataaf hojjechuuf aangoo fudhatee namni uummata hatu gantuu dha. Gantummaa dhugaa dha sun. Saba ofii ganuun harka nama guddise cabsuu dha. Gochi akkanaa gocha kaleessa seenaa keessatti warri akka Goobanaa Daacceefaa raawwatanii gaditti hin ilaalamnee dha.

Haati hiyyeessaa qabeenya hin qabnerraa walitti qabdee fiddee kennitiif. Imimmaan ishee dhangalaasaa itti hiixatti. Yelloo tokko malee harkaa fudhatanii itti fayyadamu. Utuu

sammuun isaanii yakkamtummaa isaaniif itti iyyuu sagalee dhugaa keessa isaaniitii dhaga'aniif deebii kennuu dhiisu. Himannaa sammuun isaanii isaanitti dhi'eessu jalaa dhokachuuf alkoolii dhugu. Gochaawwan barbaachisoo hin taane keessatti hirmaatu. Kun dhugaa hawaasi keenya beekuu dha.

Ofii addunyaan kun addunyaa haqni hoogganuu dhaa? Haqa beektii addunyaan? Namoota isheen baattee jirtu keessaa meeqatu sammuu haqaa fi amanamummaatti amanu qaba laata? Dhaloonni haaraan ka'aa jiru abboota isaarraa maal barate laata?

Kan hojjetoota mootummaa qofaatti! Namni harki isaa qulqulluun muraasa. Baay'ee muraasa. Fooliin dhugaa waajjira isaanii irraa kan hin urgoofne, sobaan oolanii sobaan kan bulan, sobaan dubbatanii sobaan kan raawwatan, sobaan waadaa seenanii sobaan kan xumuran meeqaa fi meeqa. Miindaan isaanii giddu galeessa ta'ee utuu jiruu waliin dha'uudhaan mana akka muuziyeemii namni itti yaa'ee ilaalu kan ijaarratan. Itti dadhabanii maallaqni isaan argatan hojjechuu kan hin dandeenye waan hedduu hojjetanii kan arginu hedduu dha. "Waraabessatti gogaa hin fe'an" jedhee Oromoon akka mammaaku, mootummaan waraabessa meeqatti gogaa fe'ee gogichi nyaatamee dhume. Hiyyeessi utuu boo'uu, cunqursaan borcii baasa.

Naannoolee hedduutti argee kanan taajjabe dhugaan na ajaa'ibee fi na gaddisiise, dhukkubni qoricha dhabe, kan baay'ee na yaachisu tokko—barbaacha bu'aa karaa dalgaa.

Seenaa keessatti yoo ilaalle hamma Oromoon Oromoo miidhe alagaan Oromoo hin miine. Ofitti murteessuu dadhabnee orma komanne malee kan akka keenya wal miidhe hin jiru. Yeroo alagaan gola seenee nu saamu obboleessa keenyatu karaa itti argiiisee geggeessee fide. Yeroo alagaan nu reebuuf galmee maqaa keenyaa baatee dhufe orma maqaa malee fuula keenya hin beeknetti abalu isa kana, abalu immoo isa sana jedhee kan itti nu argisiise obboleessa keenya. Soogidda xiqqoo jala qabanii Sangaa iddoo barbaadanitti akkuma geessan—gara qalmaattis taanaan—akkasuma faayidaa xiqqoo tokkoof jecha haadhoo isaa kan gurgurate meeqa?

Piroofeeserichi guyyaa tokko maal jedhe? Yaa'ii guddaa tokko irratti saba Oromoof utuu haasaa taasisuu akkana jedhe, "Ijoolle! Gaaffii tokkon qaba. Ilki arbaa baay'ee jabaataa ta'uu beektu. Mee ilka arbaa maaltu danda'ee cabsa jettanii yaaddu?" Abba abbaan harka kaasee waanuma itti fakkaate dubbate. Tokko, sibiila diimaatu cabsa jedhe. Kaanimmoo ibiddatu gubee cabsa jedhe. Tokko, sibiila almaazii isa baay'ee jabaataatu cabsa jedhe. Kaanimmoo, warshaa sibiila caccabsutu cabsa jedhe. Hundinuu waanuma deebii ta'a jedhee yaade dubbate.

"Lakkisaa" jedhe piroofeeseriin. "Sibiilli ilka arbaa hin cabsu. Ilka arbaa cabsuu kan danda'u ilka arbaa mataa isaati. Walii isaa yoo wal caccabse malee wanti danda'ee isa cabsu hin jiru!" jedhe. Dubbii kana akkuman dhaga'een haalli sabni koo keessa jiru sammuutti na dhufe. Imimmaantu ijatti na guute.

Sabni Oromoo saba uumaan eebbisee uume, saba lakkoofsaan hedduu, saba humna nama baratee hedduu qabu, saba guddaa dha. Garuu jaarraa tokkoo oliif hacuuccaa fi cunqursaa alagaa jala tureera. Sun nama gaddisiisa. Garuu maaliif ta'e? Deebiin gaaffii kanaa gola seenaa keessa jira. Oromoo kan miidhe, kan cabse, kan dabarsee kenne orma miti—Oromoo dha.

Har'as yoo ta'e malaammaltummaa keessa dhokatanii saba Oromoo irratti dabaa guddaa hojjechaa kan jiran alagoota miti. Namoota sabicha keessaa ba'an kan sabichi naaf dabarsu jedhee eeggatu dha. Na tajaajilu, naaf amanamu, sadarkaa itti aanutti na butu, na bilisoomsu jedhee warra sabichi abdii irratti gatetu sabicha nyaataa jira. "Baar-gamoo eessa ga'a jenne bulchiinsa gandaatu dhufee mure!" jette dubartittiin ollaa keenyaa. Bara gareen Kubbaa Miilaa Itoophiyaa biyya Naayijeeriyaatti garaagarummaa guddaadhaan mo'atame sana—waggoota hedduu dura—gaazexeessaan jara waliin deeme bilbilaan maal jedhe? "Jabbiin eessa ga'a jennee yaadne lukti isaa mana foonii jalatti argame!" jedhe. Ni qalame jechuu dha.

Namoonni sabichi eessaan na ga'u jedhee abdate achii as galagalanii sabicha saamuutti ka'an. Alagaatu gidduu seenee facciseef. Horii Oromoo karaa dalgaa nyaachuun harma hodhanii guddatan muruu dha. Gantummaan kana caalus waan jiru natti hin fakkaatu. Ofii keenya saba keenyaaf utuu hin amanamiin eenyu irraa amanamummaa eeggannaa? Ofii keenya carraa argannetti fayyadamnee saba keenya saamaa

eenyu dhufee akka Oromiyaa nuuf guddisu eeggannaa? Sun rakkina guddaa dha.

Daldalaan hin amanamu. Karaa dalgaa maallaqa walitti qabachuuf yakka gurguddaa dalaga.Waaqaa fi lafa waamee yeroo kakatu waan dhugaa dubbatu fakkaata. Kakatee maallaqa sobaa karaa dalgaan saba isaarraa saama.

Namoota gocha jibbisiisaa akkanaa keessa jiraniif dhaamsa gabaabduun dhaama: Yeroon kun yeroo itti saba keenya hannu utuu hin taane, yeroo itti waan qabnu irraa gumaachinuu dha. Kun yeroo itti waliin dhoofnee ofiif haala mijeessinu miti. Namni karaa dalgaa saba isaa hatu hundi of hatuu isaati.

Rakkoo kallattii hedduu qabu isa dhiibbaan alagaa kan jaarraa tokkoo olii nutti fide sana irraa yoom bayyaannanne? Yoom rakkina xiin-sammuu barootaaf nurra ture irraa fayyine? Kana gidduutti akkamitti wal hanna? Akkamitti saba waan isaaf ga'u hin qabne irraa matta'aa fudhanna? Sabummaan maaliif nutti hin dhaga'amu? Lammii keenya karaa hedduu miidhamee jiruuf quuqamni maaliif nutti hin dhaga'amuu?

Mee eenyutu eenyuun hataa? Oromoon tokko akkamitti Oromoo isa kaan hataa? Attamitti wal saamnaa? Utuu alagaatu nu saame ta'ee alagummaa dha jenna. Silaas alagaa irraa waan gaarii akkamitti eegganna jennee dhiifna. Utuu ormatu nu nyaate ta'ee ormummaa isaatti qabannee obsina turre. Amma garuu haadhootu dhaadhoo nyaata?

Obboleessatu obboleessa isaa saamee isa gad qabee ofii ittiin durooma.

Lubbuu koo!...

Qajeelfamoota gurguddoo ani siif kennu keessaa inni kun ijoo dha: Hamma siif danda'ametti amanami. Irmii dha! Hawaasa keessaa baate hin nyaatin. Harki saba isaa nyaatu haa cabu! Humnaa fi beekumsa—waanuma qabdu hundumaan—saba keef hojjedhu. Karaa tokkos karaa lamas haqaaf dhaabadhu. Haala ilaaltee waliin hin dha'iin. Bara darbuuf jiruuf jettee seenaa gurraacha galmeessitee hin darbiin.

Ofiif amanami!

Duraan dursiitii ofii keef amanami. Amanamummaan ofirraa eegala. Dubbii afaan keef amanami. Dubbii afaan kee keessaa ba'e hunda raawwachuuf of eeggadhu. Waadaa hin seenin, yoo seente raawwii hin dhiisin. Nama dubbatee keessa deebi'u hin ta'iin. Dhugaa dubbadhu. Of hin sobiin. Kaayyoo keef ejjennoo qabaadhu. Nama murtoo mataa isaa hin qabne kan akka bishaa gabaatee irraa asii fi achi socho'u hin ta'iin. Waa utuu hin murteessin gad fageessii itti yaadi. Murteessuuf hin ariifatiin. Yoo murteessite garuu hin shakkiin.

Nama kallattii tokko duwwaan ilaalu hin ta'iin. Wantota kallattii hedduudhaan ilaaluu yaali. Sababaa fi bu'aa walii wajjin yaadi. Ofii keef amanamuun namootaaf amanamuu dursa.

Namootaaf amanami!

Jiruu fi jireenya kee keessatti namoota naannoo kee jiran hundaaf amanami. Maatii keef, hiriyyoota keef, olloota keef, michoota beektu hundumaaf amanami. Nama namni shakku hin ta'iin. Bara itti amanamummaan namoota irraa bade kana hamma siif danda'ame hundumaatti amanamuu yaali. Bu'aa mataa keetii qofaaf namootatti hin dhi'aatin. "Namoonni akka siif kennan kan barbaaddu atis namootaaf sanuma kenni!" isa jedhamu seera warqee sana qalbifadhu. Wanti ati namootaaf kennitu wanta ofii kee namoota irraa barbaaddu qofa haa ta'u. Waan ofii keef hin jaallanne namootaaf hin raawwatin.

Gama hundumaan amanami. Namoonni sitti dhi'aatan hundi akka isaaniif amanamtu fedhu. Haalli bara kana jiru akka ati hin amanamne si taasisuu danda'a. Garuu ciniinnadhuutii amanami. Amanamummaan gatii guddaa akka qabu yaadadhu. Waaqayyo amanamummaaf iddoo guddaa akka kennu beeki.

Amanami! Amanami! Amanami!